

# Baroota Waldaa Torbanii

Boqonnaa Ja'a

## Bara Waldaa Tiyaatiraa

Mul'ata 2:18-29

"Gara ergamaa waldaa Tiyaatiraatti, 'Ergaan kun, kan ilma Waaqayyoo isa ija akka barbadaa ibiddaa qabuu, isa miilli isaa akka sibiila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifu ta'ee ti' jedhii caafi.

Ergichi, 'Ani hojii kee, jaalala kee, amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kenuu kee, obsaan danda'uu kee, hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka.

Garuu dubartittii Izaabeel jedhamtu, ishee 'Ani raajii dha' ofiin jettee barsiiftu, ishee hojettoonni koos gaalamootummaatti akka jiraatan, qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'aate akka nyaatanniif wallaalchisaa jirtu, calluma jettee dhiisuu kee kana si irratti argadheera.

Ani yaada garaa ishee akka geeddarattuuf yeroo kenneefiin ture; isheen garuu gaabbitee gaalamootummaa isheettii deebi'uu hin barbaanne.

Kunoo, ani akka isheen dhukkubsattee siree irra ciiftu nan godha, warra ishee wajjin ejjan immoo gaabbanii hojii ishee irraa yoo deebi'uu dhaabaatan, rakkina guddaa keessa isaan nan buusa.

Ijoollees ishees dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis walfoonni kristaanaa hundinuu, inni yaada namaa fi garaa namaa fonqolchu ana ta'uu isaa beekuuf jiru. Ani immoo tokkon tokkon keessaniif akka hojii isaatiitti kenuufan jira.

'Tiyaatiraa keessaa, warri haftan immoo, barsiisa kanatti warri hin qabamin, isa warri kaan, 'Dhoksaa Seexanaa isa gadi fagoo dha' jedhanis warri hin barin, ba'aa kan biraa isin irra hin kaa'u, isiniin nan jedha.

Isa qabdan garuu hamma ani dhufutti jabeessaatii qabadhaa!

Nama mo'uuf, isa hojii koo hamma dhumaatti eeggatee hojetuufis, saba hin amanne baay'ee irratti aboo nan kennaaf.

Inni siiqgee sibiilaatiin saba sana in tiksa, akka qodaa suphees isaan in hurreessa.

Akkuma ani abbaa koo biraa aboo fudhadhes bakkalcha barii nama sanaaf nan kenna.

Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! kan jedhuu dha."

## Tiyaatiraa

Seenaa keessatti magaalaan Tiyaatiraa magaalota torban Mul'ata keessatti eeraman keessaa xiyyeffanna xiqqaa kan qabdu turte. Daangaa Maayisiyaa fi Ayooniyaa irratti argamti turte. Laggeen baay'een kan marfamte yoo taatu, garuu dhulaandhulaan kan dhuunfatame ture. Wanta isheen ittiin leellifamaa turte keessa tokko badhaadhina maallaqaa sababa waldaan gurmaa'u warra suphee dha'anii, warra gogaa duuganii, warra uffata dha'anii, warra halluu uffata cuuphamu qopheessanii, warra kittaa lubootaa hojetanii fi kkf irraan kan ka'e duroomtuu ta'uu isheetiin ture. Liidiyaa isheen ufta calaqqisaa gati-jabeessa gurgurtu sun magaalaan kana irraa dhufte. Isheen namoota Awurooppaa Phaawulos amansiise keessaa nama jalqabaa turte.

Amma sababni Hafuurri Qulqulluun magaalaan kana bara afraffaaf duraanuu bu'aawwan hafuuraan kan of keessaa qabdu godhee filateef amantii ishee irraa kan ka'e ture. Amantiin guddaan Tiyaatiraa waaqeffanna Apooloo Tirimnaayoos ture kunis kaltii (cult) mootichaa wajjin kan walitti hidhatu ture. Apooloon waaqa aduu yoo ta'u, aangoodhaan abbaa isaa Zewusitti kan aanu ture. Innis 'Isa wanta hamaa namarrea qolu' jedhamuun beekama ture; seera amantii fi seera aarsaa dhiifamu cubbuu (karaa araarri itti argamu, seera balleessaa ykn yakkaa fooyyessuu) irratti aboo qaba ture. Pilaatoon waa'ee isaa, "Inni duudhaa du'aa fi jirenya du'a boodaa barsiisuu cinatti, seera ittiin bulmaata mana qulqullummaa, aarsaa fi tajaajila waaqayyoliif dhi'aatu namaaf ibsa" jedhe. Beekumsa gara 'fuulduraaf' qabuu fi 'fedha abbaa' isaa karaa rajotaa fi dubbattootaa namootatti dabarseera. Tiyaatiraa keessatti sirni kun kan geggeeffamu raajii dubartii teessoo miilla sadii irra teessee hafuuraan yeekkaraa ergaawwan dabarsituun raawwatama ture.

Qabiyyeen amantii kanaa kan nama dinqisiisu ture. Humni isaa inni sodaachisaan naannoo iccitii keessatti kan daanga'e hin turre, eenu illee miseensa mana qulqullummaa Apooloo yoo ta'e malee waldaalee hawaasummaa waan ittiin jiraatan uummataaf dhiyeessan keessatti hammatamuu hin danda'u ture. Namni ayyaana waaqa tolfamaa waaqeffachuu fi qoosaa tapha saalqunnamtii irratti hirmaachuu dide kamiyyuu yuuniyeenii jaarraa jalqabaa kana irraa dhorkamee ture. Namni tokko qaama jirenya hawaasummaa fi daldalaat ta'uuf nama waaqa tolfamaa waaqolii tolfamoo waaqeffatu ta'uuf qaba ture.

Maqaan Tiyaatiraa jedhu, "Dubartiin Ol'aantummaa qabaachuu" jechuu akka ta'e caalaatti hubatamuu qaba. Akkasitti barri kun amala humna olaantummaa qabaachuutiin, humna gara laafina malee waan hunda weeraruu, waan hundumaa mo'ee to'achuudhaan beekama. Amma dubartiin aboo ol'aantummaa qabaachuun addunyaa kana irratti abaarsa guddadha. Namichi ogeessi biyya lafaa irratti qixxee hin qabne Solomoon akkas jedhe,

*"Kanaafan ani yaada koo gara beekumsaatti, gara waa qoruutti, gara ogummaa barbaaduutti, gara dadhabbi warra gowwootaa beekuutti, gara gowwummaa warra qalbii hin qabnee hubachuutti deebise.*

*Ani wanta du'a caalaa hadhaa'u nan arge; innis dubartii yaadni ishee akka kiyyoo fi futtaasaa ta'e, harki ishees akka funyoo sibilaa ta'e dha; namni Waaqayyo duratti gaarii ta'e ishee jalaa in ba'a; namni cubbamaan garuu isheedhaan in qabama.*

*'Kunoo, ani wanta kana walitti qabaa isaa argachuudhaaf, tokko tokkoon qoree argeera' jedha lallabichi.*

*Wanta ani barbaadaa ture amma illee hin arganne; namoota kuma keessaa nama yaada qajeelaa qabu tokko argadheera, garuu isaan kana hundumaa keessatti dubartii yaada qajeelaa qabdu tokkittii illee hin arganne."*

Phaawulos immoo akkas jedhe,

*"Dubartiin haa barsiiftu, DHIIRA IRRATTI ABOO HAA QABAATTU hin jedhu."*

Iddoo dhaabaa Eden irraa jalqabee, dubartiin yeroo hundumaa dhiira irratti aboo qabaachuuf yaaltee, ittis milkoofteetti, har'as biyyi lafaa waaqayyitti Ameerikaa, dubartii qulla buufteen to'atamaa jirti. Akka waaqayyitti dubartii samii keessaa buutuuttii (yaadadhaa irreen ishee ulee sibilaa ti) bara jalqabaa yookiin Bara Efeson keessatti amala kanaan jalqabdee, aboon ishee guddatee hamma guutummaa biyya lafaa mo'uutti aboon argattee, irree sibilaa isheetiin dhiira irratti aboo godhatteetti.

Amma dubartiin dhiira irratti aboo haa qabaattu hin jedhamne. Isheen, akka Caaffata Qulqulla'aatti dhiiraaf bitamuu qabdi. Sun abboommii isheef ba'edha. Dubartiin dhuguma dubartii taate, dubartiin hunduu aboo sana jala in galti. Kunis moofaa miilla dhoqqee itti haxaa'atan haa taatu jechuu miti. Dhiirri dhugaan dubartii waan miilla dhoqqee itti haxaawatan hin godhu. Isheen garuu aboo isaa jalatti buluu qabdi malee dhiira irratti aboo qabaachuu hin qabdu; mataan manaa isa waan ta'eef. Isheen fakkaattii ittiin waaqayyo ishee uume sana yoo cabsite, jal'ina hojjetteetti. Dhiirri dubartiin akka aangoo qabattu hayyamus fakkaattii sana waa cabseef, innis waan jal'inaa hojjeteera. Sababiin dubartiin WAYYAA AKKA DHIIRAAF TA'UTTI HOJJETAME HIN UFFANNEE FI RIFEENSA MATAA ISHEES HIN MURANNEEF isa kanaafi. Gonkumaa wayyaa dhiiraa uffachuu hin qabdu yookiis rifeensa mataa ishee murachuu hin qabdu. Yeroo kana gootutti suuta suutaan dhiira irratti aboo qabaachaa deemuudhaan dhiira of gooti. Dubartiin tokko waltajjii OL ITTI HIN BA'IN jedhamtee ABBOOMAMTE tokkotti yeroo ol baatee weerartutti, hafuura akkamii akka qabdu agarsiifti. Isheen hadheeffathee haa haaltu iyyuu malee, dubartii olaantummaa qabdu ta'uun mormituu Kristos ta'u dha, kunis sanyii Waldaa Kaatolikii Roomaa ti. Gara SAGALICHAATTI yoo deebinu garuu, Waaqayyo dhugaa haa ta'u, dubbiin nama hundumaas soba haa ta'u. Ameen.

Mee gara jalqabaatti haa deebinu. Waaqayyo uumama foonii jalqabaaakkuma har'a beeknu kanatti waan hundumaa dhiiraa fi dhalaa cimdii cimidiin uume. Lukkuu lamatu turan, kormaa fi dhaltuu. Sa'a lamatu turan, sangaa fi dhaltii. Hunduu haaluma kanaan uumaman. Garuu waa'ee namaa yoo dubbanne nama tokko qofatu ture. Cimdii tokko hin turre. Addaam bifaaifi fakkaattii Waaqayyootiin uumame. Inni ilma Waaqayyoo ture. Ilma Waaqayyoo waan ta'eef qoramee kufuu hin dandeenye. Sun hin danda'amu ture. Kanaaf Waaqayyo 'byproduct' namaa fudhatee ittiin kufaatii fide. Dubartiin akka 'true product' Waaqayyooti harka Waaqayyootiin bu'uurraraa hin tolfamne. Isheen dhiira irraa oomishamte. Yeroo Waaqayyo dhiira irraa akka baatu godhettis, isheen dhalaa Inni uume kaan irraa baay'ee adda kan taate ture. Isheen sossobbaa fedha foonii harkaa ba'uu hin dandeenye. Dhalaan uumama hundumaa fedha foonii daanga'aa qabu; dubartiin garuu yeroo kamiyyuu jechuun ni danda'ama, tuqamuu dandeessi.

Dadhabinni ishee kun Seexanni karaa bofaa akka ishee sossobuuf ishee saaxile, sunis dubartiin Waaqayyoo fi Sagalee Isaa duratti iddo baay'ee adda ta'e akka qabaattu godhe. Isheen gama tokkoon fakkeenya wanta waa'ee hin baafnee, wanta ajaa'aa, wanta xuraa'aa hundumaa ti; gama biraatiin immoo fakkeenya wanta qulqulluu fi miidhagaa, fakkeenya qodaa qulqulluu Hafuurri qulqulluu fi eebbi Waaqayyoo

keessa buufatuuti. Isheen gama tokkoon ejjituttii daadhii wayinii ejjummaa isheetiin machoofte jedhamti; gama biraan immoo Misirroo Kristos jedhamti. Gama tokkoon isheen Baabiloon maqaa dhokataa, ishee Waaqayyo biratti xurooftuu jedhamti; gama biraan immoo, Yerusaalem Haaraa, haadha keenyas in jedhamti. Gama tokkoon ishee xuroomtuu fi haxxee, sagaagaltuu, iddoon ishee malu achi waan ta'eef duguugamtee kuufama ibiddaatti ishee darbatantu jedhamti; gama biraan immoo gara waaqaatti kun ol butamtu, iddichi waan mootittiif maluuf isheen Waaqayyoo wajjin teessoo irra in teessi ittiin jedhame.

Egaa bara Waldaa Tiyaatiraa kana keessattis isheen DUBARII HUNDA IRRATTI MOOTE dha. Isheen Dhoksaa Baabilooniidha. Isheen haadha ejjitoottaa ti. Isheen Iizaabeel raajii sobduu dha. MAALIIF Sababiin isaas dubartii dhugaan Waaqayyoof bitamti. Kristos mataa ishee ti. Dubbii Isaa malee kan biraa hin qabdu, yaada Isaa malee kan biraa hin qabdu, hooggansa Isaa malee kan biraa hin qabdu. Garuu waldaan kun hoo? Sagalee Waaqayyoo baaftee gattee, Macaafa Qulqulluu fi barreeffamoota malan warra sodaa Waaqayyoo qaban in barbadeessite. Warra dhugaa lallaban in ajeeste. Isheen aboo godhattee mootota, ilmaan moototaa fi sabootti irratti ol baateetti—waraana to'attee dhagna Kiristoos ishee dhugaa akka taatee fi phapaasonni ishee bakka bu'oota Kiristoos akka ta'an kan hadheeffattee himatti. Isheen guutummaatti seexanaan sossobamtee, hanga dabaree ishee sossobduu namootaa ta'uutti geesseetti. Isheen misirroo Seexanaa waan taateef amantiwwan ilmaan diqaalaa (bastard-child) isaa ta'an deesseetti.

Guutummaa Bara Dukkanaatti keessatti isheen ol'aantummaa argatte. Waaggoota dhibba sagalii oliif saamtee barbadeessite. Isheen aartii in ajeeste, saayinsii in balleessite, isheen du'a malee homaa godhachuu dhabuu irraa kan ka'e, hamma ifni Dhugaa dhaamee baduu jala ga'uudhaan ifni xiqqoon qoftu hafutti ga'e. Dhadhaan ejersaa fi daadhiin wayinii hamma yaa'u dhaabuutti ga'an; garuu mootummoota biyya lafaa to'attee namni hunduu lammummaa ishee biraa akka argataniif gaafattus gareen xiqqaan kan Waaqayyoo ta'an, lammummaan isaaniis kan waaqarra ta'e ni jiru turan, isheenisaan balleessuu hin dandeenye. Waaqayyo hoolota Isaa warra xixinnaayyoo in tikse; isaan balleeffamuu hin dandeenye. Waldaan Roomaa kunakkuma Mootittii Ataaliyyaa ishee hidda sanyii mootii balleessuuf yaaltee mikaa'ufis fiixeerra geessee, garuu immoo WAAQAYYO NAMA TOKKO QUSATEE, isa keessaas amantoonni baay'een ba'an sanaa hamtuu fi waqa tolfamaa kan waqessitudha. Akkuma sanatti Waaqayyo halkan dukkana dheeraa sana keessatti hoolota xixinnaayyoo sana qustateera, dhugaan isaaniis dhumarratti nama Luuter jedhamu kaase.

Namni waa'ee Waldaa Kaatolikii Roomaa fi bifaa waqeffannaa ishee hundumaa keessaa waanuma tokko illee haa ta'u, isa beeku kamiyyuu magaalaan Tiyaatiraa kun waldaa Bara Dukkanaa bakka bu'uuf Hafuura Qulqulludhaan maaliif akka filatamte hubachuu danda'a. Innis kunoo ti, ija keenya dura jira.

## **Bara**

Barri Tiyaatiraa baroota hunda caalaa dheeraa ture. Innis gara waggoota 900 kan itti fudhate yoo ta'u, bara 606 hanga 1520tti kan hammatu ture.

## **Eegamaa**

Waldaan garee lamatti, jechuunis Bahaa fi Dhihaatti erga hiramtee bubbulteetti. Ammas ta'e dur, yeroo hundumaa haaromsaan tokko garee lamaan keessaa tokko keessaa yookiis gareewan lachuu keessaa ka'ee damee waldaa tokkoo dura bu'udhaan waldattiin yeroodhaaf akka hariiroo gadi fagoo Waaqayyoo wajjin qabaattu taasisa ture. Namni akkasii garee Dhihaa irraan ture Fraansis nama Assiisii ture. Inni yeroodhaaf dhuguma milkaa'ee ture, hojiin isaa garuu dhuma irratti *hierarchy* Roomaa jala galfame. Piitar Waaldoo kan jedhamu namni Liyoonsi, daldaalaa kan turee fi jirenya biyya lafaa dhiisee Gooftaa tajaajiluutti xiyyeffatee namoota baay'ees gara Isaatti harkisee ture; garuu hojiin isaa in fashalaa'e, innis phaphaasiidhaan in ari'atame. Gareen warra dhihaas ta'e warra Bahaa nama ifa Caaffata Qulqulla'ootiin yeroo qoratamu ergamaa bara kanaa ta'u danda'u of keessaa hin qaban turan. Haa ta'u malee, namoonni lama Odola Biriteen keessa kan turan yoo ta'u, tajaajilli isaanii Dubbii fi gochaan qormata dhugaa darbuu danda'eera. Isaanis Qulqulluu Paatrikii fi Qulqulluu Kulumba turan. Hireen ergamaa ta'uun garuu gara Qulqulluu Kulumbaatti duufa.

Ergamaan bara Tiyaatiraa Qulqulluu Kulumba ta'u, jirenya Qulqulluu Paatrik irratti waa xiqqoo akka fakkeenyatti ilaaluun barbaada, akkasumas yaada Roomaan Qulqullun Paatrikakkuma Joo'aan Aarkii hojjetaa koo ture jettu soba akka ta'es nan mirkaneessa. Paatrik obboleettii Qulqulluu Maartiin irraa magaalaa xiqqoo Bonaavern jedhamtu kan qaraqara laga *Clyde'tti* argantu keessatti dhalate.

Gaaf tokko obboleettiwwan isaa lamaa wajjin qarqara galaanaa utuu taphachaa jiranii, saamtonni galaanaa sadan isaanii butan. Obbolaan durbaa kun eessa akka geeffamana namni beeku hin jiru, garuu Paatrik (maqaan isaa Succat jedhama ture) bulchaa gomoo warra Kaaba Ayerlaanditti gurgurame. Hojiin itti kennames booyyee tiksuu ture. Kana gochuufis saroota leenjise. Saroonni isaa akka malee leenji'anii waan turaniif namoonni baay'een fagoo fi dhihoo irraa dhufanii bitatu turan. Kophummaa irraa kan ka'e gara Waaqayyootti deebi'e, in fayyes.

Sana boodaa fedhiin hatattamaan miliqee gara maatii isaa, gara manaatti deebi'uu keessa isaa dhufe. Kana gochuufis dandeettii saree leenjisuuuf qabutti fayyadamuuf karoora baafate. Saroонни akka isa irra ciisanii qaama isaa of eeggannoodhaan haguuganii, hanga ajajamanitti utuu hin socho'in akka turanitti leenjise. Akkasitti guyyaa tokko yummuu gooftaan isaa saroota hedduu gurgurutti, Paatriik saroota, hogganaa saroota kaanii irraan kan hafe, hunduu bidiruu keessan akka seenaniif ajaje. Hogganaa sanatti malikkita dhoksaa waan itti agarsiiseef bidiruu yaabbachuu didee figee sokke. Gooftaan isaa fi namichi bittaadhaaf dhufe saricha qabuuf utuu dha'amaa jiranii, Paatriik bidiru keessa seenuudhaan saroонни akka isa haguuganiif milikkita itti agarsiise. Sana booda siiqsuudhaan hogganaa sarootaa sana gara bidiruutti ol waamee of gubbaa teessise. Paatriik achii deemera waan se'eef namichi bidiruutti ol ba'ee galaanarra oofuu jalqabe.

Kaappiteeniinichi baay'ee fagaachuu irraa kan ka'e of duuba deebi'uu akka hin dandeenye erga mirkanoeffatee booda, Paatriik mallattoo biraa saroota sanaaf kenne kunis jeequmsa akka kaasan godhe. Sana booda as ba'ee mana isaa qarqara galaanaa jiru biratti yoo isa buusuu dhaabaate saroонни jeequmsa akka itti fufaniif akka abboomu, doonii sanas akka fudhatu kaappiteenichatti hime.

Haa ta'u malee, Kaapteenichi Kiristaana waan tureef, seenaa mucichaa yommuu dhaga'etti gammachuudhaan mana isaa qarqara galaanaa jirutti isa buuse. Achitti Paatriik mana barumsaa Macaafa Qulqulluu galee gara Ayerlaanditti deebi'udhaan Sagalee fi humna Waaqayyootiin mallattoo fi dinqi hedduudhaan Gooftaadhaaf lubbuu kumaatama injifate. Inni yeroo kamittuu gara Roomaa dhaqee hin beeku, yeroo kamiyyuu Roomaadhaan ajajamee hin beeku. Dhugaan hin haalamne garuu, dhumarratti Roomaan odola sana to'attee yummuu dhuunfattetti, yeroon sun carraa gaarii ta'u isaa yeroo hubatanitti, Kiristaanota waggoota dheeraadhaa garee orijinaala Qulqulluu Paatriik jalatti gara Gooftaatti dhufanii guddifaman keessaa namoota 100,000 ol ajjeesan.

Qulqullun Paatriik erga du'ee gara waggaa 60 booda, Kulumbaan Kaaba Ayerlaandi, Kaawuntii Donegal keessatti maatii Fergus irraa dhalate. Inni hayyuu qaroo, qulqulla'e ta'e, Caaffata Qulqulla'o irra caalaan isaa sammuutti yaadachuuf nama of kenne ture. Waaqayyo mishiinarii akka ta'uuf sagalee dhageessisee isa waame. Sagalee Waaqayyoo erga dhaga'ee booda homitinuu isa dhowwuu hin dandeenye, tajaajilli dinqisiisa inni godhes barreessitooni seenaa hedduun ergamoota cinatti akka isa galateeffatan taasiseera. Tajaajilli isaa milikkita gurguddaa waaqarraa baay'eedhaan deegaramaa waan tureef, namoonni tokko tokko biratti (keessumaa barattoota Roomaa biratti) seenaan sun akka waan garmalee arbeeffameetti fudhatameera.

Deemsa tajaajilaa isaa tokko keessatti, gaaf tokko yeroo magaalaa dallaadhaan marfamte tokkotti dhi'aatutti akka ol hin seenneef isa dhorkan. Waaqayyo gidduu seenee sabatti akka lallabuuf sagalee isaa ol fuudhee kadhachuu eegale. Yeroo inni kadhachuu eegalu garuu warri qoricha namatti godhan sagalee guddaadhaan isa arrabsuu jalqaban. Sana booda faarfannaa faarfachuu jalqabe. Yeroo inni faarfatuttis Waaqayyo sagalee isaa akka malee waan guddiseef sagalee isaa kan warra ormaa in liqimse. Akka tasaas balballi karrichaa ofumaan in baname. Innis ol seenee Wangeela lallabee lubbuu baay'ee gara Gooftaatti in booji'e.

Taatee biraatiin immoo, yommuu karri itti cufamee manadara tokko irraa dhorkamee of irra deeb'aa utuu jiruu ilmi bulchaa mandarichaa akka tasaa dhukkuba hamaan qabmee du'aaf ga'e. Kanaafis Qulqulluu Kulumbaan ariitiidhaan duukaa bu'amee akka deebifamu godhame. Yeroo inni amantiidhaan kadhatuttis mucichi battaluatti fayye. Sana booda mandarattiin Wangeelaaf banaa taate.

Wangeelli dhugaa Kulumbaan fi warra isaa wajjin hojjetaniin lallabame guutummaa Iskootilaanditti babal'atee, biyyicha gara Waaqayyotti deebise. Akkasumas gara Ayerlaandii fi Kaaba Awurooppaatti in dhangala'e. Toofaan inni ittiin Wangeela babali'se keessaa inni guddaan, isa inni namoota dhiiraa kudha lama geeggeessaa tokkoo wajjin naannoo haaraatti ergee, magaalaa haaraa Wangeela irratti bu'uurofte hundeessedha. Namoota kudha lamaan sana keessaa kaan barsiisota, kaan lallaboota, kaan hojii mukaa fi kkf kan hojjan yommuu ta'u hundi isaanii haala dinqii ta'en Sagalichatti kan jiraatanii fi jirenya qulqulluu kan jiraataa turan. Kolonii xiqqoon isaan qabatan sun dallaadhaan kan marfamte turte. Utuu hin turins magaalattiin mana barattoota fi maatii isaanitiin marfamte, isaanis Dubbii Sagalee Waaqayyoo baranii achii ba'uudhaan kaan mishiinerii, kaan geeggeessaa, kaanis lallabaa ta'anii Gooftaa tajaajilaa turan. Dhiironni sun bilisummaa gaa'ela dhaabbachuu utu qabanii, caalaatti Waaqayyoon tajaajiluuf jecha utuu hin fuudhin hafan. Isaan gargaarsa mootuummaa irraa walaba waan turanii, to'anno siyaasaa irraas bilisa turan. Isaan yeroo hundumaatti amantiidhaan biroo irratti duuluu mannaa dhugaa barsiisan sababiin isaas meeshaa waraanaa ga'an galma Waaqayyo isaaniif yaadee bira ittiin ga'an dhugaa qofa akka ta'e waan amananiif. Isaan Roomaa irraa guutummaatti walaba turan.

Qulqulluu Kulumbaan mana barumsaa Macaafa Qulqulluu guddaa odola Haayi (kan kibba dhiha galoo galaan Iskootilaand irraa fagaatee argamu) keessatti hundeesse. Yeroo inni achi ga'etti odolli sun baay'ee onaa fi dhagaadhaan kan uwatifame waan tureef nayaata hunda isaaniif ga'aa ta'e omiishuu illee kan hin dandeenye ture. Kulumbaan garuu gama tokkoon biqilaan dhaabaa, gama kaaniin immoo kadhannaadhaan ol kaasee dhaabe. Har'a odolli kun lafa lalisaa addunyaa irratti beekamoo ta'an keessaa

tokkodha. Odola Macaafa Qulqulluu irratti bu'uurofte kana keessaa beektota gurguddoo ogummaa fi humna Waaqayyoo badhaafaman hedduutu ba'e.

Seenaa garbicha Waaqayyoo guddaa kanaa fi hojii dinqisiisaa inni hojjete yeroon dubbisu, aboon phaphaasummaa inni namoota hundumaa harkatti galfachuuf hawwii guddaa qabu dhufee, dhuma irrattis dirrewwan ergamaa kana xureessee dhugaa Kulumbaan barsiise barbadeesuun isaa na gaddisiisa.

### Nagaa

Mul'ata 2:18,

*"Egaan kun, kan ilma Waaqayyoo isa ija akka barbadaa ibiddaa qabuu, isa miilli isaa akka sibila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifu ta'ee ti."*

Mul'anni Waaqummaa Bara Tiyaatiraa Yesuus Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa ti. Bara fooniin turetti yeroo tokko Ilma Namaa jedhamee beekama ture. Kana booda garuu fooniin Isa hin beeknu. Inni kana booda Ilma Namaa, Raajii Guddaa, Isa dubbiin raajii hunda Ofii Isaa keessatti sassaabuu miti. Ilmi Tokkichi gara Abbaatti deebi'eera. Amma human du'aa ka'uu booda Isa beekna. Inni du'aa ka'ee humna Isaa isa guddaa gara Ofii Isaatti fudhatee galata ulfina Ofii Isaatiif hundumaa olii fi hundumaa gararraa jira. Ulfina Isaa eenyuuf illee hin qoodu. Hooggansa waldaa Isaa dabarsee nama kamiif iyyuu hin kenuu.

Inni Tiyaatiraa gadi ilaalee, kunoo magaalaa sanaa fi bara afrappaatti ulfinni Isa qofaaf malu, nama biraaf kennamuu isaa ni arge. Ija Isaa isa akka barbadaa ibiddaa ifuu fi dheekkamsa firdii isatiin, yeroo Inni duwwaan Tokkicha Ilma Abbaa ta'etti Apolloon akka Ilma Waaqayyotti kabajamuu isaa in ilaala. Amantii bara Tiyaatiriyaa isa miseensonni waldaa akka warra paagaaniitti ilma waaqaa (Apollo ilma Zewus) waaqessanii, humna mootummaatiin deeggaruudhaan geggeessaa nاما gara waaqeffamuutti ol baasan irratti firdiin Isaa attam suukaneessaa ta'uu qaba! Wanti Inni arge sirriitti kanuma. Waldaan Kaatolikii Roomaa, sirna waaqa aduu (Apollo) irratti hundaa'e waaqeffanna waaqa tolfamaatiin guutummaatti kan liqimfamte, karaa fuudhaa fi heeruma waldaa fi mootummaatti gidduutti raawwateen nama tokko gara waaqa qabatamaa (phaaphaasiit) ol guddiftee turt. Sababni isaas Toomaas Akiinaasii fi Alveeras Peelaagiyoos yaadicha bocanii akkas jechuudhaan lafa kaa'an: "Phaaphaasiin warra ija hafuuraatiin isa ilaalanitti, nama utuu hin ta'in Waaqayyo ta'ee mul'ata. Aangoon isaa daangaa hin qabu. Mirga waan fedhee labsuu ni danda'a, mirga waan fedhees kamirraayyuus irraa mulquu ni danda'a. Humna addunyaaleessa kana mamuun balballi fayyinnaa nama duraa cufamuutti nama geessa. Diinonni gurguddoona waldaa kiristaanaa gantoota waanjoo abboomamuu dhugaa hin baannedha."

*"Waaqayyo tokkicha, inni gidduu dhaabatee Waaqayyo fi namoota walitti fidus tokkicha, inni immoo Kristos Yesus isa nama ta'ee mul'ate dha."*

1Ximotewos 2:5.

Garuu Phaaphaasiin Roomaa Sagalicha jijireera. Innis, "Inni gidduu dhaabatee waaqayyoo fi nama (namoota hin jenne) walitti fidu tokkicha" jedhe. Kanaaf inni isa gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi namoota walitti fidu sanaa fi namoota gidduu dhaabtee jira. Garuu Ilmicha malee giddu-seentuun biraan hin jiru. Phaaphaasiin karaa waldaa Roomaa fayyinni akka argamu labsa. Garuu karaa Ilma Waaqayyoo malee fayyinni hin jiru. Iji Isaa akka barbadaa ibiddaa diimaa waan ta'eef ishee hin dinqifatinaa. Millla akka sibiilaa diimaa boolla ibiddaa keessatti diimeffameen, mootummaa hamaa biyya lafaa kana lafatti dhidhiituf dhaabatee waan jiruuf, hin dinqifatinaa. Miillota akka sibiila diimaa jabaa sanaaf Waaqayyoon galateeffadhaa. Miillonni sun nuuf jecha firdii keessa darban. Waan Inni argate amma akka argannuuf bu'urri keenya isaanidha. Nuyi Isa keessatti, Yesus Ilma Waaqayyo keessatti adda baafamnee dhaabannee jirra.

Barri warri Mohaammadizimii ka'anii Ilma Waaqayyoo haaluudhaan namoota Kristaana ofiin jedhan hundumaa irratti du'a murteessuu isaanii dhugaa baanu bara kana keessa ture

Akkasumas barri Waldaan Sobaa abboommii Waaqayyo Isa Hundumaa Danda'uu isa jalqabaa mormitee, labsii atattamaa abboommii lammaaffaa cabsu baasuudhaan Phaaphaasi bakka Yesuus Kiristoos buustee, waaqa tolfamaa waqessuu hundeessitee warra bifa fakkeenyaa sana waldaa keessa dhaabuu didan hamma du'aan adabuutti dirqisifte bara kana keessa ture. Impaayerattii Tiyoodooraa qofaa jalatti, bara 842 hanga 867tii qulqullooni 100,000 ol ta'an bifoota fakkeenyaa waa'ee hin baafnetti sagaduu waan didaniif ajjeefamaniiru.

Dhugumatti barri kun yaada garaa geeddarachuu ykn waan hundumaa dhabuu qaba. Gooftaan ulfinaa, Waaqayyo inni Waaqayyo ta'e achi dhaabata—Dubbiin Isaa cinatti in irraanfatama, namni Isaa in tuffatama, garuu harki nاما fi garaan nاما aangoo irraa Isa buqqisuu hin danda'u. Isaan Isa haa ganan, Inni amanamaa ta'ee hafa. "Isin yaa warra karra xixinayyoo nana! Kana keessaa hin sodaatinaa; abbaan keessan mootummaa isaa isiniif kennuu jaallatera. Yeroon miilla akka sibiila diimaa fi ija akka barbadaa ibiddatiin dhufuttis gatii dadhabpii keessanii isiniifan kenna; firdiin kan koo ti, anatu isiniif kaffala" jedha Gooftaan.

## Leellifamuu

Mul'ata 2:19,

*"Ani hojii kee, jaalala kee, amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kenuu kee, hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka."*

Asitti ammas yaada seensaa, "Ani hojii kee beeka" jedhuu wajjin wal fakkaatu arginna. Ilmi Waaqayyoo, Ofii Isaatii, "Sababii hojichuma kana hundumaaf ana amanaa!" jedhe. Inni yeroo lafa irra turetti hojii Isaa irratti xiyyeffate. Hojiin Inni hojjetes kaka'umsa amantii namoonni Isattii qabaachuu qaban isa Waaqayyo biraa kennameef beeksisu ture. Innis qaama tajaajila Isaa isa guddaa ture.

Hafuurri Qulqulluu Isaa ergamaa Phaawulos keessaan akkas jedhe,

*"Nuyi hojii harka isaatii ti, hojii gaarii isa Waaqayyo duraan dursee qopheesse keessa akka deddeebinuuf karaa Kristos Yesus uumamne."*

Efesoon 2:10.

Hojiwwan kun akka isaan Isaa wajjin walitti dhufeinya waa'ee Isaa agarsiisanitti kaka'umsa amantii Isa irratti qabaachuu qabu ture, kanas Phaawulos, "Karaa Isaa uumamne" jedhee ibse.

Amma hojiin fayyina keenyaaf gonkumaa bakka Waaqayyotti amanuu nuuf hin bu'u. Garuu hojiin amantii keenya isa duraan Isarra kaa'anne ni mul'isa. Hojiin gaariin isin hin fayyisu, garuu jireenyi nama fayyee Gooftaadhaaf ija hojii gaarii in godhata. Hojii gaariitti nan amana. Namni tokko nama hin fayyin yoo ta'e illee hamma isaaf dandaa'ametti hojii gaarii hojjechuu qaba. Wanti fula Waaqayyoo duratti suukanneessaan, isa namoonni hojii hamaa hojjetaa utuu jiranii fedha Gooftaa raawwachaa jirra ofiin jedhaniidha. Phaaphaasonni, bishooppinni fi *"hierarchy'n"* Roomaa kana hojjechaa turan. Maqaa Gooftatiin nama ajjeesaa, qaama hir'isaa, wanta hamaa hundumaas hojjechaa turan. Jirenya Sagalichi barsiisu irraa jirenya gar malee faallaa ta'e jiraatan. Guyyaa hamaa sanatti amantoonni dhugaa walitti fufiinsaan waan gaarii hojjechuudhaan iddo dukkanaa keessatti akka ifaatti ifu turan; sababiin isaas ulfina Waaqayyoof jedhanii warra isaan abaaran eebbisuudhaan waan dhugaa hojjetan, baay'een isaanii dhugichaa jedhanii yoo du'an iyyuu.

Lakkoofsa kana keessatti ijoolleen Isaa jirenya jijiiramaa waan jiraachaa turaniif isaan galateeffachaa jira. Hojiin isaaniis Hafuura haaraa achi keessa jiruutti dhugaa ba'e. Namoonni hojii gaarii isaan hojjetan ilaalanii Waaqayyoof ulfina kennan. Eeyyee gooftaa, yoo Kiristaana taatan waan qajeelaa hojjechuuf jirtu. Hojiin keessan garaan keessan qajeelaa ta'u isaa agarsiisa. Waan isin uffattan miti, sababiin isaas fedha Isaa kan raawwattan yeroo Waaqayyo malee namni tokkollee isin hin arginttidha, akkasumas lubbuu keessan kan isin baasisu yoo ta'e illee fedha Isaa ni raawwattu.

*"Ani jaalala kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kenuu kee, amantii kee, obsaan danda'uu kee beeka."* Jaalalli isaanii "hojii" fi "warra kaan garagaaruu" gidduutti akka caafame ni hubattu. Sunis iddo sirrii isaaf maludha, sababiin isaa jaalala yoo qabaanne malee hojiin keenya Waaqayyo duratti fudhatama hin argatu warra kaan gargaaruun keenyas fudhatama hin argatu. Phaawulos warra Qorontosiin, "Yoon jaalala qabaachuu dhaabaadhe, ani homaa miti. Waanan hojjedhu hundumaas bu'aa tokko maleen jaalalaan hojjedha" jedhe. Amma amantoonni kun garee Niqolaawotaa warra hojii gaarii akka mala ittiin fayyina argataniitti ykn namoota biratti ittiin jajamuuf hojjetanii keessa akka hin turre asitti hubachuu dandeessu. Isaan jaalala Waaqayyoo isa Hafuura Qulqulluudhaan garaa isaanii keessatti dhangala'e irraa kan ka'e hojii gaarii hojjetan. Jaalalli garaa isaanii keessa ture sun jaalala Waaqayyo warra kan Isaatiif qabu dha. Yesuus, "Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku" jedhe. Warri paagaanii jirenya Kristaanota gara jalqabaa yummuu organitti, "Ilaa, akka isaan itti wal jaallatan" jedhan. Yohaannis immoo akkas jedhe,

*"Namni jaallatu hundinuu mucaa Waaqayyoo ti."*

1Yohannis 4:7.

Asitti akeekkachiisa tokko kenuun barbaada. Guyyoota gara dhuma ilaachisee sababa baay'achaa deemuu warra jal'ina hojjetaniitiif jaalalli namoota hedduu akka diilallaa'u dubbata. Bara Laa'odiiqeyaa ykn bara dhumaatti, of jaallachuu fi jaalalli meeshaalee jirenya foonii iddo jaalala Waaqayyoo isa dhugaa ni bu'a. Guyyoota dhuma kana keessatti humna cubbuu irraa of eeguu qabna. Namoonni baay'een dhiibbaa hafuura bara dhuma kanaa waan hin hubanneef jirenyi isaanitti cimaa jira. Yeroon itti gara Waaqayyotti dhi'aannee jaalala Isaatiin jirenya keenya akka guutu goonu ammadha, yoo kana ta'u dhaabaate qorri waldaa bara dhuma nu dha'ee, dhugaa Waaqayyoo isa isa qofti nu gargaaruu danda'u nu gansiisa.

Waggoota dukkanaa'oo fi sodaachisoo sana keessatti mukti wayinii dhugaa jaalala Waaqayyoo fi jaalala obbolotaatti qabamanii jiraatan. Waaqayyos kanaaf isaan leellise.

"Warra kaan gargaaruudhaaf of kennuu kee beeka" Yesuus, "Isin keessaa inni caalaan isa hundumaaf hojjetu dha" jedhe. Dubbii kana irratti namni ogeessi tokko yaada akkas jedhu kenne, "Dhugaa dubbii sanaa kan mirkaneessu seenaa qofa." Namichi sun sirrii jedhe. Namoonni gurguddoон seenaa hunduu warra kaan gargaaruudhaaf of kennaniiru. Warri gargaaramuu barbaadan; warra cunqurfaman; warri yeroo hundumaa mataa ta'uu barbaadan, qaanii uffatanii gadi bu'aniiru. Warri sooressi iyyuu qabeenya isaanii yoo sirriitti itti fayyadamuu dhaabaatan Waaqayyo isaan in balleessa. Garuu seenaa qoradhaa mee, warri gurguddoota dhugaa jedhaman warra kaan gargaaruudhaaf warra of kennanidha. Seenaan warra hojjechiifate galateeffatee hin beeku, garuu isaan warra kaan gargaaruudhaaf of kennan bara baaan in faarsa.

Sana jirenya keenyatti deebifnee ittiin of haa madaallu. Akkuma Ilmi Namaa tajaajiluuf malee tajaajilamuuf hin dhufne, nutis fakkeinya sana hordofuu qabna. Miilla bartootaa irratti gadi jedhee miilla bututaa fi xuraa'aa yummuu Inni isaaniif dhiqu ilaala. Inni, "Waan ani hojjechaa jiru isin amma hin beektan; gara boodeetti garuu in hubattu. Ani akkuman isiniif godhe, isinis immoo akka gootanitti fakkeinya isiniif ta'eera" jedhe. Waaqayyo iddo ol'aanaatti akka ol isa baasuuf, Inni akka garbichaa ta'e. Guyyaa tokko immoo guyyaa firdiin warra qulqulloota kennamutti yommuu Inni, "Gaarii hojjettaan, HOJJETAA gaarii fi amanamaa, gara gammachuu Gooftaatti ol seenaa" jedhu dhaga'uuf jirra. Yeroo hundumaa namaaf hojjechuun ulfaataa dha. Warri warra kaaniif hojjechuutti yeroo isaanii dabarsan garuu, guyyaa tokko Isaa wajjin teessoo Isaa irra taa'uuf jiru. Egaa sun hundarra gatii guddaa qaba. "Gooftaadhaaf haa dadhabnu, barii irraa kaasee hanga aduuun lixxutti, Waa'ee jaalala fi kunuunsa Isaa isa dinqisiisaa hundumaa haa dubbannu, Jirenyi hundinuu xumuramee hojiin keenya lafa irraas yeroo goolabamu, dabareen waamicha keenyaa yummuu ga'u nuyis in argamna."

"Ani amantii kee beeka." Amma asitti akka waldaa Phergymoonitti dubbatetti "Ati amantii KOO jabeessitee qabatte" hin jedhu. Amma waa'ee amantii Isaa dubbachaa jira utuu hin ta'in, amanamummaa isaaniitiif isaan galateeffachaa jira. Akkasumas waa'ee "Obsaan danda'uu" kaaseera. Amma amanamummaa fi obsi wal faana deemu. Dhugaa dubbachuuuf obsaan danda'uun bu'aa amanamummaa ti, Yaaqoob 1:3 keessatti akkas jedha waan ta'eef,

*"Amantiin keessan qoramee ilaalamuun isaa obsaan danda'uu akka fidu in beektu."*

Dhuguma iyyuu karaan biraa obsaan danda'uun ittiin argannu hin jiru. Qoramee ilaalamuu amantii keenyatiin dhufuu qaba.

Roomaa 5:3,

*"Kana maleess immoo gidiraan obsa akka fidu beeknee, gidiraa nutti dhufes gammachuudhaan in himanna."*

Waaqayyo obsaan danda'uu keenya akka fiixaan ba'iinsa guddaatti akka ilaalu Yaaqoob 1:4 irratti ibsameera,

*"Isin warra fiixaan ba'an; warra mudaa, hir'inas hin qabne akka taataniif, obsaan danda'uun kun hojii isaa fiixaan haa baasu."*

Fedhiin Waaqayyo nuuf qabu Fiixaan Ba'iinsa dha. Fiixaan ba'iinsi immoo obsaan danda'uu dha—abboommii Waaqayyoo raawwachuu fi amantiidhaan yeroo Waaqayyoo eeggachuu dha. Kun adeemsa amalli ittiin qaramu dha. Waaqayyo qulqulloota Bara Dukkanaa kana attam attam guddisee faarse! Obsaan akka hoolaa qalmaatti oofaman, jaalalaan, amanamummaadhaan Waaqayyoon tajaajilan. Jirenya isaanii keessatti waan tokko qofa barbaadu turan, innis Gooftaa isaanii tajaajiluu dha. Badhaasi isaanii attam guddaa ta'uuf jira'o.

*"Ani hojii kee beeka; hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka."*

Kun dhugumatti waan nama dinqisiisudha. Akkuma dukkanni bara sanaa dabalaa dhufeen; akkuma galmeen kabaja wareegamtootaa guyyaa guyyaadhaan dheerachaa dhufeen, isaanis isa duraa caalaatti hojjetan, isa duraa caalaatti tajaajilan, amantiin isaaniis dabalaa dhufe. Bara Efeson keessatti jaalalli hir'achuun isaa akkam nama gaddisiisa ture. Dhugumatti immoo waa'ee dadhabbiin jaalalaan baroota biroo keessatti dabaluu ilaachisee wanti jedhame hin jiru; garuu bara kana keessatti, bara baroota hundumaarra dukkanaa'aa kana keessatti, isa duraa caalaatti Isa tajaajilan. Sun barumsa guddaa namaaf ta'a. Tajaajilli jaalala ayyaana qabeessi Gooftaa tajaajiluu kun hin dhaabbanne, inumaayyuu itti caalaa deeme malee. Sun dhoksaa dha. Mee diinni tajaajila Gooftaaf kenninu fashaleessuuf haa yaalu—deebiin keenya tajaajila dabaluudha. Yeroon injifannoon labsamu, yeroo warri dadhaban sodaadhaan boo'anitti.

*"Ani hojii kee beeka; hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka."*

Egaa akkuma duraan dubbanne, barri kun bara seenaa hundumaa keessaa yeroo dukkanaa waan

tureef Bara Dukkanaa jedhama. Innis bara phaaphaasiin Innoosent 3ffaan "Vicar of Christ—biyya lafaa irrattis ta'e waldaa irratti aangoo ol'aanaa gita hin qabne qabu" godhee of muudee, *INQUESITION* bara Rifoormeeshiini irraan kan hafe bara hundumaa caalaa dhuuga dhangalaasise hundeesse. Barichi bara Poornookiraasii, bara bulchiinsa sagaagaltootaa ture. Saagaariyos 3ffaan sanyoo kan qabu si'a ta'u, "Kuwaarii phaaphaasii dubartoota sagaagalani fi ilmaan diqaalaatiin guutee, masaraa phaaphaasii gara boolla saamtotaatti jijiire." Anaastaasiyoos 3ffaa huutee kan ajjeeste sanyoo Saagaariyos kan taate Maaroziyya turte. Joon 11ffaan ilma Maaroziyaan bakkeetti dhalte ture. Joon 12ffaan immoo akkoo Maaroziyya yoo ta'u nama, "Dubartoota haadha hiyyeessaa fi ijoollee durbaatti taphatu ture, innis utuu dubartii tokkotti ejja abbaa manaa isheettiin ajjeefame." Barri kun bara bulchiinsi phaaphaasii iddo lamatti foxxoquudhaan (tokko Aviginoon irraa bulchaa, inni kaan immoo Roomaa irraa bulchaa) itti wal abaaranii fi wal lolan ture. Phaaphaasonni kun yakka gocha saal quunnamtii safuu cabsee (abbaa ijoollee hedduu bakkeetti dhalatanii ta'u, sodomii raawwachuu fi kkf) raawwachuu qofa utuu hin ta'in, gita hojii lubummaa namoota caalbaasii olaanaa kaffalanitti gurguruutiin yakkamaniru.

Bara ibsaan ifuu akka malee itti dadhabe ture, haa ta'u malee dukkanicha hamma gara dhuma barichaatti baay'ee itti caalaa yoo deeme iyyuu, amantoonni muraasni isa duraa caalaa cichanii hojjechudhaan hanga baay'een isaanii haaromsa gochuuf yaaluutti ka'aniiru. Hojiin isaanii hojii cichooma qabu waan tureef, haaromsa gara fuulduraatti dhufuuf karaa saaqe. Kanaafuu barri sun akkuma Sagalichi waa'ee isaa ilaachisee, "Hojiin kee inni booddee kanaa (inni gara xumura barichaa) immoo isa duraa irra in caala" jedhoo ti.

Jechi Tiyaatiraa jedhu hiika garaa garaa kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa tokko, "Aarsaa Itti Fufiinsa qabu" jechuu dha. Namoota baay'ee biratti kun dubbii raajii itti fayyadama *Mass* ilaachisee aarsaa Kiristoos itti fufiinsaan dhi'eessuuti jedhamee amanama. Sun yaada baay'ee gaarii dha, garuu aarsaa itti fufiinsa qabu isa amantoonni dhugaa lubbuu fi humna isaanii Gooftaadhaaf jedhanii gabbaranitti hiikamuus danda'a

Dhugumatti qulqullooni Tiyaatiraa kun dhama midhaanii turan, Hafuura Qulqulluu fi amantiidhaan kan guutaman turan, hojii gaariidhaaf kan uumaman turan, ulfina Isaa kan mul'isaa turan, jirenya isaanii hin mararfanne, gammachuudhaan guutummaa jirenya isaanii akka aarsaa foolii gaarii qabuutti Gooftaadhaaf kennan malee.

## Ifannaa

Mul'ata 2:20,

*"Garuu dubartittii Iizaabeel jedhamtu, ishee, 'Ani raajii dha' ofiin jettee barsiiftu, ishee hojettoonni koos gaalamootummaatti akka jiraatan, qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'aate akka nyaataniif wallaalchisaa jirtu, calluma jettee dhiisu kee kana si irratti argadheera."*

Amma laccoofsa kana qabattanii gara laccoofsa 23tti gadi bu'uudhaan dhugummaa waan guddaa tokkoo, isan yeroo hundumaa isinitti himaa ture akka mirkaneeffattan nan barbaada. "Ijoollee ishee dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis walfoonni kristaanee hundinuu, inni yaada namaa fi garaa namaa fonqolchu ana ta'u isaa beekuuf jiru." Hafuurichi bara tokkoon tokkoon isaaniitti lamaan isaaniitti haa dubbatu iyyuu malee, akka waan tokko qofa ta'aniitti, qabatamaatti walfoonni lama akka jiran isinitti himaan ture. Asitti walfoonni akka jiran ifatti ibsameera, akkasumas waloota sana keessaas kaan yaada namaa fi garaa namaa fonqolchee kan beeku Isa akka ta'e akka Hin beekne ifatti ibseera. Akkas ta'u Isaa isaaniif mirkaneessuuf deema. Amma egaa warri dhugaa kana hin beekne waloota akkamii ta'u? Dhugaadha isaan garee muka wayinii sobaati, sabbaiin isaa amantoonni dhugaa firdiin mana Waaqayyoo keessaa akka jalqabu waan sirriitti beekaniif akka isaanitti hin faradamneef ofitti faradanii Waaayyoon sodaachuudhaan jiraatu.

Amma walfoonni kun muka wayinii sobaa ta'anii utuu jiranii maaliif Waaqayyo waloota Koo jedhee waama? Dhugaan dubbii kanaa Kiristaanota ta'u isaanii. Garuu isaan kiristaanota Hafuura miti. Isaan Kiristaanota fooniiti. Isaan akkasumaan Maqichatti waamamu. Maqrros 7:7, "Ana waqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu." Garuu dhugumattuu isaan Kiristaanota, kan biraa maal jedhamuu danda'u ree? Namni Mohaammadaanii ta'e Mohaammadaanii jedhama. Akka fedhetti jiraatus sun amantii isaati, sababni isaas waan Qur'aanni barsiisu ti'ooriidhaan ni amana.

Haaluma wal fakkaatuun Kiristaanni tokko hanga dhugummaa Yesuus Ilma Waaqayyoo ta'u isaa, durba irraa dhalachuu isaa, fannifamee du'ees du'aa ka'u isaa, Fayyisaa dhala namaa ta'u isaa fi kkf tti amanetti Kiristaana jedhama. (Dhugaadha, bara Laa'odiiqeeyaa keessatti warri mirga Waaqummaa Yesuus gananuu ofiif kennanii garuu waanuma amaloota gaarii Isa ibasanitti amanan qofaaf Kiristaanota ofiin jedhan ka'uuf jiru. Warri Saayintistoota Kiristaanaa jedhaman ammumaanuu sana godhaniiru, warri Wangeela Hawaasummaa lallaban baay'eenis akkasuma). Inni maqaa Kiristaana waan qabuuf miseensa waldaa ti. Garuu inni nama DHUGAA ykn amanaa Hafuura miti. Amanaan akkasii nama dhagna Kiristoositti cuuphamee bu'aa dhagna Isaa ta'eedha. Garuu kanas ta'e sana, inkirdaadi qamadii wajjin

guddachuu akka qabuu fi aramamuu akka hin qabne Waaqayyotu abboome. Sun abboommii Waaqayyooti. Guyyaan isaan itti walitti qabamanii fi gubaman dhufaa jira; garuu amma iyyuu hin geenyee.

Kanaaf Hafuurrichi garee wal makaa kanatti dubbachaa jira. Gama tokkoon faarsaa jira, gama biraatiin immoo ifataa jira. Amantoota dhugaatti waan sirrii ta'e dubbateera. Amma wayiniin sobaa Gooftaa duratti qajeelaa ta'ee dhaabbachuu yoo barbaade maal gochuu akka qabu isa akeekkachiisa.

### **Dubartittii IiZaabeel Jedhamtu**

Ergamaan Yaaqoob adeemsa cubbuu fi itti ba'iins isaa nutti agarsiise. Yaaqoob 1:14-15,

*"Garuu tokkon tokkon nama kajeellaa ofii isaatii isa hamaadhaan harkifamee yommuu qabamu in qorama.*

*Kajeellaa hamaan erga iddo ga'ee cubbuu in dhala; cubbuunis erga raawwatamee du'a in dhala."*

Amma sun fakkii wanata baroota waldaa keessatti ta'aa jiruu ti. Cubbuun waan biraatiin miti, kajeellaadhaan jalqaba malee, duuti waldaa akkasuma hojii salphaadhaan, hojii Niqoolaawotaa xinnoo tokkoon jalqabe. Hojii sana irraa gara doktriiniitti ol guddate. Doktriinii irraa gara humna mootummaa fi paagaaniiiziimii hammachuutti ce'e. Bara ammaattis raajittii (barsiistuu) ofii isaa qaba, hamma guyyaa kuufama ibiddaa keessatti of arguuttis adeemsa isaa ittuma fufa. Dhumni isaa du'a lammataa keessatti kuufama ibiddaa darbatamuuf ta'a.

Amma iyyi Waaqayyo bara afraffaa kana irratti iyyu guutummaatti raajii Iizaabel kana balaaleffachuu dha. Akkasumas maaliif akkasitti akka ishee balaaleffatu sirriitti hubachuuf seenaa ishee Macaafa Qulqulluu keessaa duuba deebinee qorachuu qabna, waan isheen achitti hojette yeroo argannuttis yeroo kana keessatti maaltu akka ta'aa jiru ni hubanna.

Wanti jalqabaa fi baay'ee barbaachisaan waa'ee Iizaabel barannu intala Abrahaam akka HIN TAANE dha, akkasumas isheen akka Ruut intala warra Mo'aab ishee karaa hafurraa gosoota Israa'elitti lakka'amtes miti. Lakki obbo. Dubartiin kun intala Etba'aal mootii Siidoon ture (1Mootota 16:31), Etba'aal kun luba waaqayittii Astartee ykn Asheeraa ture. Teessoo kanas kan argate nama isa dura ture Pheeles ajjeesuudhaan ture. Kanaaf isheen intala nama nama ajjeesee akka ture battalumatti arganna. (Kun Qaayin akka nu yaadachiisu beekamaadha.) Karaan isheen ittiin qaama Israa'el taates karaa hafurraa Waaqayyo Ormooni akka makamaniif murteesseen miti; mootii gosoota Israa'el kurnan irratti mo'u Ahaabitti HEERUMUUDHAAN itti makamte malee. Amma gaa'elli kun akkuma kanaan dura ilaalle kan Hafurraa hin turre; kan siyaasaa ture malee. Kanaaf dubartiin waaqeffannaa waaqa tolfamaa keessatti liqimfamte kun waaqeffataa Waaqa Dhugaa Tokkichaa ta'uuf fedhii xiqqoollee hin qabdu ture, kanaa mannaa Israa'elota Gooftaa irraa garagalchuuf yaada ifa ta'e qabattee dhufte.

Amma Israa'el (gosoonni kurnan) jabbii warqee irraa tolfame waaqeffachuun maal akka ta'e durumaanuu ni beeku turan, garuu hanga ammaatti Waaqayyo waaqeffamaa waan tureef, seerri Musee beekamtii waan argateef, waaqeffannaa waaqa tolfamaaf dabarsanii of hin kennine. Garuu yeroo Iizaabel Ahaabitti heerumte irraa eegalee waaqeffannaan waaqa tolfamaa haala nama gaddisiisuun guddachaa dhufe. Yeroo dubartiin kun mana qulqullummaa Astartee ykn Asheeraa (Venus) fi Ba'aal (waaqa aduu) ijaartee isa keessatti luba taatetti ture kan Israa'el gara fiixee jeeqama jirenya ishee dhufe.

Kana yaada keessa galchuudhaan amma bara Tiyaatiriyaa kana keessatti Hafurri Waaqayyoo maal akka kaa'u ilaalu jalqabuu dandeenya. Innis kunooti.

Ahaab Iizaabeliin fuudhee mootummaa isaa cimsuu fi mirkaneessuuf akka sochii siyaasaatti itti fayyadame. Waldaan yeroo Qosxanxinoositti heerumtes sirriitti kanuma goote. Lamaanuu maqaa hafurraa itti haa maxxansan malee sababa siyaasaatiin walitti dhufan. Amma Qosxanxinoos Kiristaana akka ture namni na amansiisu hin jiru. Inni nama paagaanii kan kiyyoo Kiristaanummaa fakkaatu of harkaa qabu ture. Inni nama gaachana loltootaa irratti fannoo adii dibe ture. Inni hundeessaa garee 'Knights of Columbus' ture. Isatu fiixee mana qulqullummaa Qulqulluu Soofiyaa irra kaa'ee, kanaanis duudhaa akkasii tokko jedhee jalqabe.

Nama hundumaa, kana jechuun warra paagaanii, kiristaana maqaa fi kiristaana dhugaa walitti fiduun Yaada Qosxanxinoos ture. Yeroodhaaf waan amantoota dhugaatti dhimma ba'ee warra Dubbicha irraa fagaatan gara karaatti deebisuu milkeessu fakkaata ture. Dhugaatti isaan deebisuu akka hin dandeenye yommuu hubatanitti qaama siyaasaa irraa adda ba'uuf dirqaman. Sana booda yeroo kana godhanitti gantoota jedhamanii ari'atamaa turan.

Mee asitti waa'e waan kanaan fakkaatuu isa yeroo ammaa ta'aa jiruun dubbatha. Sabni hunduu walitti dhufaa jira. Macaafa Qulqulluu Yihudii, Kaatolikii ykn Pirootestaantiis haa ta'uun nama hundaaf mijatu barreessaa jiru. Mana Maree Niiqiyyaa ofii isaanii qabu garuu Mana Maree Ikuumeenikii jedhanii

waamu. Akkasumas jaarmiyaaleen kun hundi eenyuun akka lolan beektuu? Pheenxeqoosxee dhugaa lolu. Jaarmiya Pheenxee jedhamu lolu jechuu koo miti. Namoota Pheenxeqoosxee ta'an jechuu kooti sababni isaas isaan dhugaadhaan waan deddeebi'aniif Hafuura Qulqulluun kan guutamanii fi mallattoo fi kennaan of gidduudhaa waan qabaniifi.

Ahaab faayidaa siyaasaatiif jedhee Iizaabel yommuu fuudhetti angafummaa isaa gurgure. Obboleessaa, dhaabbata tokkotti yeroo makamtutti angafummaa kee gurgurta, amantus amanuu baattus. Gareen Pirootestaantii ba'ee booda deebi'e hundi angafummaa isaa gurgureera, yeroo angafummaa kee gurgurtu immoo akkuma Esaawu taata—waan barbaadde boo'uu fi yaada geeddarachuu dandeessa, sun garuu bu'aa tokkollee siif hin buusu. Wanti isin gochuu dandeessan tokko qofa yoo ta'u innis, "Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, kottaa ishee keessaa ba'aa!" Amma akka waanan sirrii hin taanetti yaaddu yoo ta'e gaaffii tokkicha kana deebisaa. Nama lubbuun jiru keessaa namni waldaa ykn sochii Waaqayyoo erga haaromsa argattee booda dinoomineeshiinii ta'uudhaan gara jaarmiyaatti hin deebi'in hafte tokko natti himuu danda'u jiraa? Seenaa keessan dubbisaa. Tokko illee argachuu hin dandeessan—tokkollee.

Israa'eliif sa'aatii halkan walakkaa ture yeroo isheen biyya lafaa wajjin walitti makamtee waan Hafuuraa dhiistee gara siyaasaatti gorte. Yeroon Waldaan Niiqiyaatti waanuma kana gootes halkan walakkaatti ture. Ammas Waldoonni yeroo halkan walakkaatti walitti dhufaa jiru.

Ahaab Iizaabel yommuu fuudhetti horii mootummaatiin manneen waaqeffanna gurguddaa lama Astartee fi Ba'aaliif akka ijaartu isheef hayyame. Inni Ba'aaliif ijaarame immoo Israa'eloonni hundinuu dhufanii achitti akka waaqeffachuuf akka ta'utti akka malee guddaa ture. Qosxanxinoos fi waldaan yeroo wal fuudhanitti immoo gamoowwan waldaadhaaf kennee, iddo aarsaa fi bifa fakkeenya dhaabe, akkasumas *hierarchy* durumaan bocaa godhachuutti deemaa jiru toora qabsiise.

Izaabel humna mootummaa yeroo argattetti dubaan amantii ishee humnaan saba irratti feetee raajotaa fi luboota Waaqayyoo ajeeste. Akka haalichi malee hamaa ta'u irraan kan ka'et, Eliyas ergamaan bara sanaa, waa inni qofti lubbuun hafe itti fakkaate; Waaqayyo garuu raajota 7000 kan Ba'aaliif hin jilbeenfanne qaba ture. Yeroo ammaa kanas waldoota Baaptisitootaa, Meetodistootaa, Pirisbiteriyaanotaa fi kkf keessaa ba'anii gara Waaqayyootti kan deebi'uuf jiran muraasni ni jiru. Ani ammas ta'e yoomiyuu, namoota jibbee akkan hin beekne akka naaf beektan nan barbaada. An kanan jibbu dinoomineeshiinii dha—sirna jaarmiyaatiinan morma. Waaqayyo waan isa jibbeef ittiin mormuun qaba.

Amma daqiqaa tokkoof asumatti dhaabnee waaqeffannaan Tiyaatiraa maal akka ture haa ilaallu. Isaan Mootichaa wajjin Apooloo (waaqa aduu ture) akka waaqeffatan dubbadeera. Amma Apooloon kun 'isa hamaa namarrea qolu' jedhamee baakama. Inni waan hamaa namoota irraa ittise. Isaan eebbisuudhaan waaqa dhugaa isaaniif ta'e. Inni namoota barsiisuu qaba ture. Innis waa'ee waaqeffanna, sirna mana qulqullummaa, tajaajila waaqolii, waa'ee aarsaa, waa'ee du'aa fi jirenya du'a boodaa ibseera. Akkaataan inni kana itti godhe karaa raajii dubartii teessoo miilla sadii irra teessee raajjuutiin ture. Wayyoo kaa! Argitanii? Kunoo raajiin Iizaabel jedhamtu sun saba barsiisaa jirti. Barsiisa isheetiiniis tajaajiltoota Waaqayyoo sossobdee ejja akka raawwatan gochaa jirti. Amma ejja jechuun 'waaqa tolfamaa waaqeffachuuf' jechuudha. Hiikni hafuuraa isaas kanuma. Gaa'ilila seeraan alaati. Gaa'elli Ahaab fi gaa'elli Qosxanxinoos lamaan iyyuu seeraan ala ture. Lamaanuu ejja hafuuraa raawwataniru. Ejjiutun hundinuu haroo ibiddaa keessatti ni darbatamu. Waaqayyotu akkas jedhe.

Amma egaa, barumsi Waldaa Kaatolikii (waldaan dhalaa dha, dubartiidha) Sagalee Waaqayyoo ni gana. Phaaphaasiin ifatti bifa ammayyaatiin Apooloo ta'e kun sabni waaqolii tolfamootti akka hidhatan barsiiseera. Waldaan Roomaa amma Sagalee Gooftaa saba duraa fuutee waan dhiifamuu cubbuu fidu ilaachisee, eeba Waaqayyoo waan fidu ilaachisees yaada mataa ishee waan isaan sorteef saba biratti raajii sobduu taateetti; akkasumas luboonti jirenya lafarraa qofa osoo hin taane du'a keessatti aboo akka qaban hanga ifatti barsiisutti ga'aniiru. Isaan ofuma isaaniitiin *purgatory'n* akka jiru barsiisu, garuu sana Sagalicha keessatti argachuu hin dandeessan. Kadhannaa, *masses* fi qarshiin *purgatory* keessaa baasee gara bantii waaqaatti akka nama dabarsu barsiisu. Sirni barsiisa ofii isaa irratti hundaa'u hundi soba dha. Inni hundee jabaa mul'ata Sagalee Waaqayyoo irratti osoo hin taane cirracha sigaataa, cirracha dhidhimaa soba seexanaa irratti kan ijaarame dha.

Waldaan gurmaa'ina irraa gara dinoomineeshiinitti deemte, sana irraa ka'uunis gara barsiisa sobaatti ceete. Sun sirriidha. Warri Kaatolikii Roomaa Waaqayyo Sagalee Isaa keessa akka jiru hin amanan. Lakki obbo. Osoo akkas godhanii silaa qalbii diddiirratani duubatti deebi'u turan, isaan garuu Waaqayyo waldaa Isaa keessa jira jedhu. Sun immoo Macaafni Qulqulluun seenaa Waldaa Kaatolikii akka ta'u taasisa. Garuu akkas miti. Mee cuuphaa bisaanii qofa irratti maal akka hojjetan ilaala. Cuuphaa kiristaanaa irraa maqsanii kan paagaanii isa ta'e maqaalee ulfinaatiin cuuphuutti geeddaran.

Mee waa'ee muuxannoon luba Kaatolikii tokko irraa argadhen isiniti hima. Intallin gaaf tokko cuuphe Kaatolikii waan turteef, lubichi waa'ee ishee na gaafachuu barbaade. Cuuphaa akkamii akka isheen

cuuphamte na gaafate. Anis hamman beekutti cuuphaa tokkicha isa ta'e Cuuphaa Kiristaanummaatiin akkan ishee cuuphamen itti hime. Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin bishaan keessa awwaaleen cuuphe. Lubichis yeroo ta'e tokko Waldaan Kaatolikii akkas akka gochaa turte yaada naaf kenne. Achumaan Waldaan Kaatolikii yoom akkas gootee beekti jedheen gaafadhe, sababiin isaas seenaa isaanii dubbisee waan inni jedhe argachuu hin dandeenyne. Innis Macaafa Qulqulluu keessatti akka argamu, akkasumas Yesuus Waldaa Kaatolikii akka gurmeesse natti hime. Dhuguma Pheexiroos Phaaphaasii isa jalqabaati jettee yaaddaa jedheen isa gaafadhe. Phexros akkas akka ture irra ejjetee dubbate. Tarii ummanni bal'aan sirrii ta'uun isaa fi gonkumaas akka hin jijiiramne mirkaneessuuf jecha afaan Laatiiniin dubbataame ta'innaa jedheen gaafadhe. Innis sun dhugaadha jedhe. Waan jalqabatti qaban irraa kaatanii karaa dheeraa waan naanna'an natti fakkaata ittiin jedheen, Waldaan Kaatolikii dhuguma Macaafa Hojii Ergamootaa ni amanti yoo ta'e, ani Kaatolikii durii ta'uun koon itti hime. Innis Macaafni Qulqulluun dhuga baatuu Waldaa Kaatolikii akka ta'ee fi Waaqayyo waldaa keessa akka jiru natti hime. Waaqayyo Dubbii Isaa keessa waan jiruuf lubichaa wajjin walii hin galin hafne.

Waaqayyo dhugaa haa ta'u namni hunduu garuu sobduu haa ta'u. Yoo Macaaficha irraa yoo waa hir'iftan ykn waa itti dabaltan, Waaqayyo warra waa itti dablu dha'icha dabaluuf akka jiru, warra waa irraa hir'isu immoo Macaafa Jirenyaa irraa qooda isaanii akka hir'isuuf jiru kakateera. Mul'ata 22:18-19.

Mee akkaataa Waldaan Kaatolikii Roomaa Waaqayyo Sagalee keessa utuu hin ta'in waldaa keessa jira jettee amantun isinitti argisiisa. Galmee guyyaa guyyaa Phaaphaasii Joon 23ffaa irraa yaadni fudhatame kunooti. "Muuxannoo koo waggoota sadan Phaaphaasii ta'ee kana keessatti, ergan 'sodaa fi rom'aan' tajaajila kana Fedha Gooftaa tiin abboomamuu qulqulluu ta'een fudhadhee, karaa Kolleejjii Qulqulluu Kaardinaalotaa walga'ii irratti natti dabarfame, dhuga baatuu *maxim* kanaa fi nama amanamummaan akkan geggeessuuf natti kennemeera; Waaqayyootti, wanta yeroo ammaa ilaallatu hundumaatti amanamummaa guutuudhaan, gara fuulduraattis tasgabbi guutuu ta'e argachuutti amantii guutuun qaba." Phaaphaasiin kun Waaqayyo karaa waldaa Fedha Isaa mul'isee akka dubbate ibsa. Soba guddaa dha. Waaqayyo Sagalee Isaa keessa jira, fedha Isaa karaa Sagalichaa mul'isuudhaan dubbata. Akkasumas dubbii namootaa (*maxim*) guutummaatti akka amanamuu fi kanaanis tasgabbiidhaan akka ajajamu ibseera. Waan akka malee bareedaa fakkaata garuu sobadha. Akkuma jal'ina Iddoo dhaabaa Eden keessatti hoijetamee ti.

Mee amma gara Mul'ata boqonnaa 17tti ceenee dubartii kana, waldaa Sagalee Waaqayyo dhhistee raajii sobaatiin jiraachaa jirtu kana haa ilaallu. Lakkofsa 1ffaa irratti Waaqayyo ejjituu guddittii jedhe ishee waama. Isheen maaliif ejjituu taate? Waaqeffanna waaqa tolfamaa keessa waan jirtuuf. Isheen sabas waanuma sanatti ol baaftee jirti. Qorichi waaqeffanna waaqa tolfamaa fayyisu maali? Sagalee Waaqayyo ti. Egaa dubartiin kun Sagalicha waan dhiistee ejjituudha. Isheen bishaan baay'ee irra teessee jirti, kunis namoota baay'ee irra teessee jirti jechuudha. Kun dhuguma waldaa sobaa ta'uun ishee nama hin shakkisiisu sababiin isaas waldaan Waaqayyo xinnooda—warri ishee argatanis muraasa.

Ija namoota duratti hammam dinqisiiftuu haa fakkaattu malee, hammam waan falaasamaa haa fakkattu iyyuu malee ija Waaqayyo duratti maal akka isheen fakkaattu hubadhaa. Isheen xuraa'ummaa halalummaa isheetiin kan machoofta dha. Amma dhiiga wareegamtootaantiin machooftee jirti. Isheen akkuma Iizaabel ishee raajotaa fi luboota ajeestee saba Waaqayyo warra Ba'aaliif hin sagadnu jedhe balleessitee ti. Waldaan Kaatolikiis sirriitti kanuma goote. Namoota bulchiinsa phaaphaasii jalatti hin jilbeenfanne in ajeeste. Warri dubbii namootaa didanii Dubbii Waaqayyo duukaa bu'an, yeroo baay'ee mala ajjeechaa gara jabinaatiin ajeefamu turan. Waldaan du'a isaanitti faraddu kun garuu ofii isheetii du'aa turte, sanas of irratti hin beektu turte. Jireenyi ishee keessa hin turre, milikkinni ishee hordofee hin beeku.

### **Yeroo Yaada garaa geeddarannaa**

Mul'ata 2:21,

*"Ani yaada garaa ishee akka geeddarattuuf yeroo kenneefiin ture; isheen garuu gaabbitee gaalamootummaa isheetti deebi'uun hin barbaanne."*

Waldaan kun dhugumatti Ahaab caalaa hamtuu akka turte beektuu? Inni yeroodehaaf qalbii diddiirratee Waaqayyo duratti gad of deebisee akka deddeebi'e beektuu? Waldaan Kaatolikii Roomaa ilaachisee garuu akkas gooteetti jechuu hin dandeessan. Lakki obbo. Isheen takkaa yaada garaa geeddarattee hin beektu mata jabinaan nama yaada garaa akka geeddarattuuf ishee gargaaruuf yaalu kamuu guutummaatti balleessite malee. Sana seenatu jedha. Amma Waaqayyo tokkoon tokkoon baraatiif ergamoota kaasuu qofaa osoo hin taane namoota ajaa'iboo ergamota sana gargaaran muraasas in kaase. Inni bara hundumaaf namoota Waaqayyo dinqisiissoo muraasa kenne isaanis waldaa gara Waaqayyootti deebisuudhaaf waan danda'an hundumaa godhan. Waaqayyo dhugumatti akka isheen qalbii geddarattuuf carraa fi deeggarsa isheef kennee ture. Isheen qalbii diddiirratee ija hojii isheettiin sana agarsiiftee beektii? Lakki obbo. Isheen gonkumaa kana hin goone, sichittis hin gootu. Isheen machooftee jirti. Wantoota hafuuraatti miirri ishee adoodeera.

Amma burjaajoftanii Waldaan Roomaa creeds ishee Creeds warra Pirootestaantii wajjin akka wal simu gochuudhaan Pirootestaantii wajjin tokko ta'uuf yaalaa waan jirtuuf qulqulloota ajjeesuu isheetti gaabbitee yaada garaa geeddaratteetti jettanii hin yaadinaa. Isheen yeroo tokkollee dhiifama gaafattee ajjeechaa juumlaa raawwatteef dogoggoran hojjedhe jettee hin beektu. Sichittis kana hin gootu. Yeroo addaa kanatti hammam gara laafetii fi nama namaaf oo'u fakkaattee haa mul'attu iyyuu malee, duuti garaa ishee isa hamaa fi gaabbii hin qabne keessa waan jiruuf, ammallee nama ajjeesuu irraa duubatti hin deebitu.

### **Murtee Ejjituttiitti Murteeffame**

Mul'ata 2:22-23,

*"Kunoo, ani akka isheen dhukkubsattee siree ciiftu nan godha, warra ishee wajjin ejjan immoo gaabbanii hojii ishee irraa yoo deebi'uu dhaabaatan, rakkina guddaa keessa isaan nan buusa.*

*Ijoollees ishees dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis waldoonni kristaanaa hundinuu, inni yaada nama fi garaa namaa fonqolchu ana ta'uu isaa beekuuf jiru. Ani immoo tokkon tokkon keessaniif akka hojii isaatiitti kennuufan jira."*

Maal? Dubartiin kun ijoolleee qabdii? Isheen ejjiutuudhasii? Egaa himati ishee irratti dhi'aate gaalamootummaadhaan ijoolleee godhachuu ishee yoo ta'e akkuma Sagalichi jedhutti ibiddaan gubachuu qabdi. Sun sirriitti dhugaadha. Ibiddaan ni gubatti waan ta'eef dhumni ishee kanuma ta'a. Xumurri ishee kuufama ibiddaatti darbatamuu dha. Garuu cal'isaatii yeroo muraasaaf waa'ee ijoolleee kanneenii yaadaa mee. Ijoolleen dubartii keessaa ba'u. Dubartiin kun ijoolleee ishee irraa dhalatanii garuu waanuma isheen goote godhan akka qabdu ifaadha. Waldaa jaarmiyaa irraa dhalattee utuu hin jaarmiyoomin hafte tokkumi yoo jiraatte natti agarsiisa. Tokko illee hin jirtu. Tokko illee. Luteraanonni ba'anii deebi'anii jaarmiyoomuudhaan har'a sochii ecumenical kanaa wajjin mataafi dhadhaa ta'aniiru. Meetodistoonnis ba'anii deebi'anii gurmaa'an. Warri Pheenxeqoosxes ba'anii deebi'anii gurmaa'an. Gareen biraas ba'uuf jiru, Waaqayyoof galanni haa ta'u, isaan dhugaa waan beekaniif deebi'anii hin gurmaa'an. Gareen sun misirroo guyyaa dhumaa ta'u.

Amma asitti ejjiutun kun ijoolleee qabdi jedhame. Amma isaan ijoolleee akkamii turan? Isaanis akkuma ishee waldoota waan ta'aniif isaan in taloota. Amma qabxiin baayyee nama hawwatu tokko kunooti. Iizaabeelii fi Ahaab intala tokko godhatan. Intalli sun Yehoraam ilma Yoshaafaatitti kan heerumte yoo ta'u 2Mootota 8:16 irratti akkas jedha,

*"Yehoraam akkuma abbiyyuu isaatti in deddeebi'e."*

Inni gaa'ela kanaan kallattiid humaan gara waqaq tolfamaa waaqeffachuuutti seene. Inni gosa Yihudaa Waaqayyoon sodaatuu fi Waaqayyoon waaqeffatu gara waqaq tolfamaa waaqessuutti fide. Waldoonni intaloota ishee ta'an kun hundinuu akkuma ani isiniif akeekhee ture kanuma godhan. Isaanis dhugaadhaan jalqabanii jaarmiyaatti heerumuudhaan aadaa, creed fi kkf'f jedhanii Sagalicha dhiisan. Amma kana keessa sirriittan seena mee.

Ibroota 13:7 irratti akkas jedha,

*"Warra isin geggeessanii, dubbii Waaqayyoo isinitti himanii turan duukaa bu'aa."*

Kan nu geggeessu Sagalicha malee nama miti. Amma dhiirri tokko akka abbaa manaatti mataa dubartiiti. Inni ishee geggeessa. Garuu waldaan dubartiidha, bulchaan ishees Sagaleedha. Yesuus Sagaleedha. Egaa isheen Sagalicha gantee mataa kan biraa yoo fudhatte ejjituu dha. Amma waldaa creed fi aadaa fudhachuuf jettee Sagalicha hin ganne tokko naaf waamia. Hundumti isaanii ejjiutuudha—intala akka haadhaaa.

Adabiin ejjitutti fi ijoolleee ishee maal ta'a? Tole, inni dachaa lama ta'uuf deema. Tokkoffaa, "Dhukkubsattee siree irra akka ciiftu nan godha" jedhe. Akkataa lakkofsa 22ffaa gara dhumaatti sirichi siree rakkinaa ykn rakkina guddaa ta'a. Yesuus Maateewos 25:1-13 irratti kan dubbate sirriitti kanuma. Durboota kudhantu turan. Shan ogeeyyi shan immoo gowwoota turan. Warri Ogeeyyiin shanan dhadhaa ejersaa (hafuura qulqulluu) qabu warri kaan shanan garuu hin qaban. Sagaleen, "Ilaa Misirroon dhufaa jira" jedhu yeroo dhageessifamutti, gowwoonni shanan dhadhaa ejersaa barbaacha fiigan durboonni ogeeyyiin shanan garuu mana cidhichaatti ol seenan. Warri shanan alatti hafan rakkina guddaa argachuuf hafan. Warra ol butamuu keessatti ol hin butamne hundumaa irrattis kanumatu raawwata. Ejjitutti fi intaloota ishee irratti kan dhufus kanuma. Lammaffaa, dha'ichaan akka isaan ajjeesu dubbata ykn jechaa jechatti "du'a dha'ichaatiin haa ajjeefaman" jedha. Kun jecha ajaa'ibaati. "Namni tokko fannifamee, elektirikiidhaan ykn karaa biraatiin haa ajjeefamu" jechuu dandeena. Kun garuu "Du'a dha'ichaatiin haa ajjeefaman" jedha. Dha'ichi mataan isaa ka'umsa du'a isaaniiti.

Amma kana sirriitti akka hubattan nan barbaada kanaafis fakkeenyaa isa intalli Iizaabel mana

Yihudaatti heerumtee kanaanis waaqa tolfamaa waaqessuu isatti fiddee fi Waaqayyo Yihudaa du'aatti dabarsee akka kenuu gootee sana ammas irra deebi'ee nan fudhadha. Bala'aamis kanuma godhe. Kanaaf kunoo Iizaabel paagaaniiziimii ishee wajjin terte. Achitti Yihudaan sirnaan Waaqayyoon waaqeffachaa Sagalicha jala jiraachaa jira. Kanaaf Iizaabel intala ishee Yehoraamitti heerumsiifti. Daqiqaa sun ta'etti, Yehoraam namoonni sun waaqa tolfamaa akka waaqeffatan taasisa. Daqiqaa gaa'elli sun raawwatametti Yihudaan du'e. Duuti hafuuraa ol seene. Waldaan Roomaa jalqabaa daqiqaa gurmoofte sanatti duute. Daqiqaa warri Luteraan gurmaa'anitti duuti ol seene, isaanis ni du'an. Warri Pheenxeqosxee dhuma irratti dhufanii, isaanis ni gurmaa'an. Hafuurri Qulqullus dhiisee ba'e, isaan amanuu baatanis. Inni garuu akkas godhe. Gaa'elli sun du'a fide. Sana booda ifni Tokkummaa Waaqummaa ba'e. Isaanis gurmaa'anii achumaan du'an. Sana booda ibiddi Waaqayyoo bara 1933tti laga Ohaayoo irratti erga bu'ee booda haaromsi fayyisuu addunyaa guutuu irra dhangala'e, innis garuu takkaa karaa dhaabbata kamiinuu dhufee hin beeku. Waaqayyo gareewwan Pheenxeqosxeen ala ture, jaarmiyaan ala ture, wanti inni gara fuulduu ratti gochuuf deemus akkasuma jaarmiyaan ala ta'uuf jira. Waaqayyo warra du'an keessaan hojjechuu hin danda'u. Inni miseensota LUBBUUN JIRAN keessaan qofa hojjechuu danda'a. Miseensonni lubbuun jiran sunneen Baabiloniin ala jiru.

Kanaafuu hubadhaa, "Duuti" yookaan "Jaarmiyaan" in dhufe, waldaanis ni duute, yookaan sirriitti ifa akka ta'uuf, battaluma JIREENYI geggeessaa ta'ee muudametti duuti qubataa ta'e. Akkuma Hewaan isheen jalqabaa dhala namaatti du'a fidde ammas jaarmiyaan du'a fideera, sababiin isaas jaarmiyaan bu'aa dachaa warra badiisa hojjetan, warra Niqolaayizimii fi Bala'aamizimii warra raajittii Iizaabeeliin babal'ifaman irraa argamuuti. Amma Hewaan gocha suukaneessaa isaanii kanaaf bofa waliin gubachu qabdi terte. Addaam garuu gidduu seenee, akka isheen fayyituuf dafee gara ofii isaatti ishee fudhate. Garuu amantiin seexanaa kun adeemsa baroota guutuu yeroo deemeti namni gidduu seenee hin jiru, kanaafis isheen sossobaa ishee wajjin ni gubamti, sababiin isaas ejituttii f intalooni ishee, mormituun Kiristoosii fi Seexanni hundumti isaan haroo ibiddaa keessaan iddoon in argatu.

Asitti of dursaa waanan jiruuf tarii kana ergaa bara dhuma irratti kennameef quachuu qaban, garuu jaarmiyaan fi waan karaa isaatiin ta'uuf deemu ifatti waan ilaallatuuf bara kana keessa galchuun sirri natti fakkaata. Akkasumas isin akekkachiisuun barbaada.

Mul"ata 13:1-18,

*"Kana booddee immoo bineensi tokko galaana keessaan utuu ba'uu nan arge; bineensichis gaanfa kudhanii fi mataa torba, gaanfa isaa irratti waan akka gonfoo kudhan, mataa isaa torban irrattis maqaa ulfinaa, Waaqayyoon arrabsuudhaaf kennaman qaba ture.*

*Bineensi ani arge qeerransa in fakkaata ture; miilli isaa akka miilla amaaketaa ti, afaan isaa akka afaan leencaa ti; bineensi akka jawwwee sunis humna isaa, teessoo isaa, aboo isaa isa guddas bineensichaaf in kenne.*

*Mataa isaa torban keessaan inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e in fakkaata; rukuttaan du'aan ga'u sunis deebi'ee fayye ture. Namoonni guutummaa biyya lafaa dinqisiifatanii yaadaan bineensicha duukaa bu'an.*

*Bineensicha isa kanaaf iyyuu aboo kan kenneef bineensa akka jawwee sana waan ta'eef, namoonni isaaf in sagadan; akkasuma immoo bineensa isa kaaniif sagadanii, 'Eenyutu akka bineensa kanaa ta'a? Eenyutu bineensicha loluu danda'a?' jedhan.*

*Dubbii gurratti guddaa fakkaatuu fi Waaqayyoon kan arrabsu dubbachuudhaaf afaan in kennameef; ji'a afurtamii lamaaf kana gochuudhaaf aboon in kennameef.*

*Yommus bineensichi Waaqayyo irratti arrabsoo dubbachuudhaaf, maqaa Waaqayyoo, iddo buufata isaa, warra waaqa keessa isa bira buuftanis arrabsuudhaaf afaan isaa in bane.*

*Warra Waaqayyoof qulqulla'an lolee isaan mo'uunis in kennameef; gosa hundumaa irratti, afaan hundumaa irratti, saba hundumaa irrattis aboon in kennameef.*

*Warra lafa irra jiraatan keessaan uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jirenya argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne hundinuu, bineensichaaf sagaduuf jiru.*

*Namni gurra qabu haa dhaga'u!*

*Namni booji'amuuf jiru, booji'amuun isaa hin oolu; namni billaadhaan ajjeefamuuf jiru, billaadhaan ajjeefamuun isaa hin oolu; kana keessatti obsaan danda'uunii fi amantiin warra Waaqayyoof qulqulla'anii, in barbaadama.*

*Kana malees bineensa lafa keessaan ba'u bira tokko nan arge; akka hoolaa gaanfa lama*

*qaba, akkuma bineensa akka jawwee sanaas in dubbata ture.*

*Bineensi inni lammaffaan kunis aboo bineensi inni duraa qaba ture hundumaan isuma duratti in hojjeta; biyyi lafaa, warri isa keessa jiraatanis bineensa isa duraa, isa rukuttaan du'aan ga'u deebi'ee fayyeef sanaaf akka sagadan in godha.*

*Inni milikkita gurguddaa in argisiisa; ibidda iyyuu ija namootaa duratti waaqa keessaa lafatti gadi in buusa.*

*Milikkita bineensa isa duraa sana duratti akka inni argisiisuuf kennameef sanaan, warra lafa irra jiraatan in wallaalcisia; warra biyya lafaa irra jiraatan sana wallaalcisuudhaafis bifa fakkeenya bineensicha billaadhaan rukutamee deebi'ee jiraatee, waqessuudhaaf akka tolfatan isaanitti in hima.*

*Bifa fakkeenya bineensa isa duraa sanatti lubbuu itti gochuun, bineensa isa lammaffaa sanaaf kennamee ture; kana irraa kan ka'es bifni fakkeenya bineensichaa kun dubbachuu iyyuu danda'ee, hammi isaaf hin saganne akka ajjeefaman in godhe.*

*Bineensichi namni hundinuu, xinnaan, guddaan, sooressi, hiyyeessi, birmaduun, garbis harka mirgaa irratti yookiis adda irratti gubaa akka qabaatu in gochisiisa.*

*Kana gochuun isaas namni gubaa bineensicha isa duraa, isa maqaa isaa yookiis lakkofsa maqaa isaa argisiisu of irraa yoo qabaate malee, bituus gurguruus akka hin dandeenyef.*

*Kana keessatti ogummaan in barbaadama; lakkofsi kun maqaa namaatiif waan dhaabatuuf, namni sammuu qabu lakkofschaa lakkaa'ee bira ga'uu in danda'a; lakkofsi isaa immoo dhibba ja'aa fi jaatamii ja'a."*

Boqonnaan kun aboo Waldaa Kaatolikii Roomaa fi waan isheen karaa jaarmiyaatiin gochuuf jirtu agarsiisa. Kun muka wayinii sobaa akka taate yaadadhaa. Maqaa Gooftaa haa dhooftu mee, isheen sobaan maqaa dhoofti. Mataa ta'uun ishee kan Gooftaa osoo hin taane kan seexanaa ti. Dhumarratti guutummaatti bineensicha wajjin adda baafamuudhaan in xumuramti. Ejituttiin bineensa bildiimaa irra taa'uun ishee addatti kan agariisu aboon ishee waaqa humnaa (seexana) malee Waaqayyo keenya Gooftaa Yesuus Kiristoos akka hin taane dha.

Lakkofsa 17 irratti, eenyu illee ishee irraa malee bituu ykn gurguruu waan hin dandeenyef, daldala lafarraa guutummaatti akka to'attu cimsee agarsiisa. Kunis Mul'ata 18:9-17 keessatti kan mirkanaa'e yoo ta'u kunis mootota, bulchitoota, daldaltoota keessa harka waan galfattuuf, hundi isaanii Roomaa wajjin akka daldalan argisiisa.

Mul'ata 13:14 keessatti bineensichi bifa fakkeenya Isaaf ijaarameen dhiibbaa isaa akka babal'isu baranna. Bifti fakkeenya hojjetame kun yaa'ii ekuumeenikii addunyaa maraa yoo ta'u, walfoonni jaarmiyooman hundinuu achitti Kaatolikii Roomaa wajjin walitti dhufu (ammallee hojjechaa jiru.) Gamtaan kun humna komuniziimi dhaabuuuf jecha uumamuun isaa waan hin ooledha. Garuu komunizimiin akka Nebukadnezaar foon ejitutti gubuuf ka'ee waan dhaabateef Roomaan mo'amtee ni baddi. Bakka waldaan Roomaa deemtu hundatti komunizimiin akka ishee hordofu hubadhaa. Akkas ta'uu qaba. Ammas mee isinan akekkachiisa, diinni keenya komunizimi duwwaadha jettanii yaaduu dhiisaa. Lakki obbo. Sana malees Waldaa Kaatolikii ti, kan ishee immoo in caala iyyuuti.

Mee amma Mul'ata 13:1-4 dubbifannee, Mul'ata 12:1-5 wajjin wal bira qabnee haa ilaallu.

Mul'ata 13:1-4,

*"Kana booddee immoo bineensi tokko galaana keessaa utuu ba'uu nan arge; bineensichis gaanfa kudhanii fi mataa torba, gaanfa isaa irratti waan akka gonfoo kudhan, mataa isaa torban irrattis maqaa ulfinaa, Waaqayyo arrabsuudhaaf kennaman qaba ture.*

*Bineensi ani arge qeerransa in fakkaata ture; miilli isaa akka miilla amaaketaa ti, afaan isaa akka afaan leencaa ti; bineensi akka jawwwee sunis humna isaa, teessoo isaa, aboo isaa Isa guddaas bineensichaaf in kenne.*

*Mataa isaa torban keessaa inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e in fakkaata; rukuttaan du'aan ga'u sunis deebi'ee fayye ture. Namoonni guutummaa biyya lafaa dinqisiifatanii yaadaan bineensicha duukaa bu'an.*

*Bineensicha Isa kanaaf iyyuu aboo kan kenneef bineensa akka jawwee sana waan ta'eef, namoonni isaa in sagadan; akkasuma immoo bineensa Isa kaaniif sagadanii, 'Eenyutu akka bineensa kanaa ta'a? Eenyutus bineensicha loluu danda'a?' jedhan."*

Mul'ata 12:1-5,

*"Wanti guddaan dinqisiisaan tokko, waaqa keessatti in argame; dubartiin biiftuu uffattee, ji'a miilla jala kaa'attee, gonfoo urjoota kudha lamaa mataa ishee irraa qabdu tokko in mul'atte.*

*Isheen ulfa turt; ciniinsuu da'umsaatiin dhiphattee in iyyite.*

*Wanti dinqisiisaan biraan tokkos waaqa keessatti in argame; inni immoo bineensa akka jawwee guddaa, diimaa biluu, mataa torba, gaanfa kudhan mataa isaa torban irratti wanta akka gonfoo torba qabu ture.*

*Eegeen isaa urjoota waaqa keessa jiran harka sadii keessaa harka tokko haxaa'ee lafatti gad in darbate. Bineensi akka jawwee sunis yeroo dubartittiin deessu mucaa ishee liqimsuudhaaf jedhee, ishee du'uuf jettu sana dura in dhaabate.*

*Isheen ilma saba hundumaa siiqee sibiilaatiin tiksuum jedhu in deesse; ilmi ishee garuu gara Waaqayyotti, gara teessoo isaattis ol in butame."*

Seexannii fi amantiin Seexanaa bineensota kana lamaan keessa jiru. Mul'ata 14 keessatti bineensi hamma du'aatti madaa'ee deebi'ee jiraate impaayera paagaanii Roomaa isa haleellaa barbarootaatiin kufaatii irra ga'ee fi kanaanis *temporal power* ishee itti dhabdedha. Garuu *Papal Rome* keessatti sana deebiftee argatte. Argitani? Biyyi biyya hundumaa caccabsitee bulchaa turtee fi impaayera cimaa hanga ammaatti qixxee hin qabne ijaarte, dhumarratti hamma du'aatti madoofte. Aangoon isheen qaamaan kan akka waraanaan fi kfk to'achuuf qabdu du'eera. Garuu Qosxanxinoos jalatti deebitee lubbuu horatte, sababiin *Papal Rome* addunyaa guutuu keessa seentee jirti, aangoon ishees gita hin qabu. Isheen moototaa fi daldaloota fayyadamtee humna amantii fi maallaqaa ishee du'aa ta'een akka waaqayyittii bara ammaa kanaatti bulchaa jirti. Akkasumas isheen bineensa akka jawwee mucaa dhiiraa sana nyaachuuuf dhaabbathee eegaa turtedha. Heroodis Gooftaa Yesuus ajjeesuuf yaalus hin milkoofne. Booda Yesuus loltoota Roomaatiin fannifame, amma garuu gara teessoo mootummaatti ol baafamee jira.

Amma waanan amma dubbadee wajjin mul'ata Daani'eel arge yaadadhaa. Kutaan qaama bifa fakkeenyichaa inni dhumaa, humni biyya lafaa inni dhumaa miilla keessa jira ture. Sunis sibiilaa fi suphee ture. Hubadhaa, sibiilli Impaayera Roomaa ti. Amma garuu sibiilichi sibiila qulqulluu miti. Supheen kan itti makamedha. Ta'us lubbuun waan jiruuf biyyoota dimokiraataawaa fi kanneen akka malee abbaa irree ta'an keessattis dhimma addunyalessaa geggeessuutti jira. Waldaan Roomaa biyya hunda keessa jirti. Isheen biyya hunda keessatti wal maktii jirti.

Mee sibiilaa fi suphee kana irratti waan xiqqoo isiniif haa dabalu. Yeroo Kiruushcheev U.N. irratti kophee isaa deeskii irratti rukute ni yaadattuu? Tole, biyyoota bahaa shanii fi biyyoota dhihaa shantu achi turan. Kiruushcheev warra Bahaa, Pirezidaantiin Eisenhower ammoo warra Dhihaaf bakka bu'uun haasaa taasisan. Afaan Raashiyaatiin *Khrushchev* suphee jechuu yoo ta'u *Eisenhower* immoo sibiila jechuudha. Hoggantoonni addunyaa gurguddoon lamaan, qubni miilla gurguddaa lamaan miilla sibiilaa fi suphee, wal cina dhaabatanii turan. Amma fiijee dhuma isaa irra jirra.

Lakkoofsa 4 irratti akkas jedhee gaafata,

*"Eenyutus bineensicha loluu danda'a?"*

Amma yeroo ammaa kana maqaawwan gurguddoon tokko tokko addunyaa kanarra jiru. Biyyoonni jajjaboon tokko tokko jiru, garuu yeroo ammaa kana Roomaatu dhageettii qaba. Teessoo konkolaachisaa irra kan jiru Phaaphaasicha. Aangoon isaas dabaluuf deema. Eenyullee isa loluu hin danda'u.

Lakkoofsa 6,

*"Inni Waaqayyoon arrabsuudhaaf afaan in bane."*

(Abboommii namaa akka seera Waaqayyotti barsiisu; warra eegganna hin qabne, warra of arguu dhabuudhaan of bokoksan, Waaqayyoon jaallachuu caalaa, warra waan isaan gammachiisu jaallatan, akka bakkeedhaan mul'atutti nama waaqayyoo warra fakkaatan, humna isa warra akkasii keessa jiru garuu warra ganan.) Inni Maqaa Waaqayyo in arrabse—Maqicha gara maqaa ulfinaatti jijiiree isaan hojjechuu malee kan biraa in lagate.

Lakkoofsa 7,

*"Warra Waaqayyoof qulqulla'an loluun in kennameef."*

Ari'atama—ajjeechaa amantoota dhugaa fi Maqaan Waaqayyoo akka arrabsamuuf jecha warra Maqaa Gooftatiin amantiin Kaatolikii Raashiyaa keessattis raawwattee ti.

Lakkoofsa 8,

*"Warra lafa irra jiraatan keessaa, warri maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jireenya*

argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne *hundinuu bineensichaaf sagaduuf jiru.*"

Waaqayyoof galanni haa ta'u malee hoolonni isaaf hin sagadan. Warra fo'aman irraa kan hafe hunduu gowwomfamuuf jiru. Warri fo'aman garuu hin gowwomfaman. Isaan sagalee Tiksituu waan dhaga'aniif isa duukaas waan bu'aniif hin gowwomfaman.

Amma egaa, waan kana ilaala, waan nuti isinitti agarsiisuu yaalaa turre ilaala. Sanyiin du'aa bara jalqabaa irraa jalqabe kun—sanyiin jaarmiyaa kun, dhumarratti gara muka simbirroonni xuraa'oon hundi irra buufatan ta'uutti guddate. An burqa jirenyaati ofiin haa jettu malee, isheen burqa du'aa ti. Firiin isheen godhattu DU'A. Warri ishee irraa hirmaatan du'aniiru. Sirni waldaa addunyaa humna guddaa qabu, inni addunyaa ishee keessa jiru fayyina foonii fi hafuuraatiin gowwomsu kun namoota baay'ee gowwomsee in balleessa. Garuu ishee qofaatu *death personified'dha osoo hin ta'in dead carion creature'n* kun du'a haroo ibiddaatiin ni ajjeefama. Maaloo, namoonni ishee keessa jiru dhunni isaanii maal akka ta'uuf jiruu osoo hubatanii! "Kottaa, ishee keessaa ba'aa, maaliif duutu?"

### **Akeekkachiisa Dhumaa**

Mul'ata 2:23,

*"Ijoolle ishees dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis walfoonni kristaanaa hundinuu, inni yaada namaa fi garaa namaa fonqolchu ana ta'uu isaa beekuuf jira. Ani immoo tokkon tokkon keessaniif akka hojii isaatiitti kennuufan jira."*

Waaqayyo garaa in ilaala. Sun gonkumaa hin jijiiramne. Sichittis yoomiyyuu hin jijiiramne. Asitti akkuma bara hundumaa garee lamatu jira, lamaan isaanii iyuu mul'ata Waaqayyo bira ta'e akka qabanii fi walitti dhufeenza Waaqayyo wajjin akka qaban labsatu.

*"Haa ta'u malee hundeen Waaqayyo kaa'e jabaatee in dhaabta. Mallattoo, 'Gooftichi warra kan isaatii in beeka' jedhu in qabaata."*

2Ximotewos 2:19.

*"Gooftaan yaada namaa fonqolchee beeka."*

Jechi 'fonqolchuu' jedhu 'qoranii ilaalu' ykn 'faana dha'uu' jechuudha. Waaqayyo yaada (reins) keenya fonqolchee beeka; Inni waan garaa keenya keessa jiru ni beeka. Inni hojii keenya isa dhoksa garaa keessaa ifatti baasee mul'isu in ilaala. Qajeelummaan yookaan jal'inni garaa keessaa ba'a. Kaka'umsi keenya, kaayyoon keenya—hunduu Isa duratti beekamaadha sababiin isaas yeroo hundumaa gara keenya ilaala waan ta'eef. Gochi keenya hundinuu, dubbiin keenya hundinuu yeroo gatiin jirenya keenyaa kaffalamu ga'utti firdiitti ni dhi'aata. Warra muka wayinii sobaa bira Waaqayyoon sodaachuu hin turre, isaan gatii isaanii akka gaariitti argachuuf jiru. Warri akkasumaan Maqaa Isaa dha'an hundinuu nuyi qulqulloota ofiin haa jedhan mee. Namoota gowwoomsuu dandeenza malee gonkumaa Goftaa gowwoomsuu hin dandeenzu.

### **Abdii Guyyoota Dukkanaa Sana keessa Abdachiifame**

Mul'ata 2:24-25,

*"Tiyaatiraa keessaa, warri haftan immoo, barsiisa kanatti warri hin qabamin, isa warri kaan, 'Dhoksaa Seexanaa isa gadi fagoo dha' jedhanis warri hin barin, ba'aa kan biraa isin irra hin kaa'u, isiniin nan jedha*

*"Isa qabdan garuu hamma ani dhufutti jabeessaatii qabadhaa!"*

Amma gara abdii sanaatti darbuun dura akkuma Hafuurichi macaafa kana keessatti dubbate waldattiin mukkeen wayinii lama kan dameewwa wal xaxoo isaanii irraa ijaaraman akka qabdu irra deebi'een isinitti argisiisa.

*"Tiyaatiraa keessaa, warri haftan immoo, barsiisa kanatti warri hin qabamin,..."*

Innis kunoo ti. Inni garee lamaan kanaaf dubbachaa jira. Gareen tokko doktiriinii ykn barsiisa qaba, gareen kaan hin qabu. Kunoo isaan, tokkoon tokkoon isaanii barisiisa mataa mataa isaanii kan ittin walii walii isaaniitiin morman qabatanii guutummaa biyya lafaa keessa faca'anii jiru. Dhoksaa Isaa isa gadi fagoo waan beekuuf gareen tokko kan Waaqayyo ti, gareen kaan immoo dhoksaa isaa isa gadi fagoo waan beekuuf kan seexanaa ti.

*"Ba'aa kan biraa isin irra hin kaa'u."*

Jechi ba'aa jedhu ulfaatina ykn dhiibbaa jechuudha. Dhiibbaan Bara Dukkanaa dugda gadi qabuu, yookaan dugdaa cabuu ture. Sagaduu ykn du'uu. Inni *inquisition* ture, kan jechuunis humna impaayera waaqeffanna Seexanaa utubu ture. Gurmaa'u ykn lubbuu kee gabbaruu dha. Tokkoon tokkoon baraa

dhiibbaa mataa isaa qaba ture. Fakkeenyaaf ba'aan guddaan bara dhumaa dhiibbaa badhaadhinaa, jirenya bu'aa'aa jiraachuu fi yaaddoo jirenyaa kan baricha bara walxaxaa keessa jiraachuun hin dandaa'amne nutti fakkeessuu ti. Barri afrappaan kun ba'aa ifaani ifatti citee bu'e waan qabu fakkaata. Innis Roomaa mormanii dura dhaabachuu ture, hamma du'aatti illee yoo ta'e Sagalichaaf dhaabbachuu ture.

*"Dhoksaa Seexanaa isa gadi fagoo dha' jedhanis warri hin barin."*

Barsiisi ykn doktiriiniin gaalee kanaa maal akka ta'e ykn muuxannoowwan isaa maal jechuu akka ta'e adda baasuu waan dandadhabniif barreessitoonni lakkofsa kana irraa muranii waan hambisan fakkaata. Dhugaadha sana jechuu maal jechuu akka ta'e beekuun salphaadha. Mee jalqaba 'Dhoksaa Waaqayyoo isa gad fagoo' isa jedhan maal akka ta'e haa barru, 'dhoksaa Seexanaa isa gadi fagoo' inni jedhan immoo faallaa isaa ta'a.

*"Waa'ee namummaa keessan isa keessaaf immoo, abbaan akka badhaadhummaa ulfina isatiitti karaa hafuura isatii humnaan guutamuu akka isiniif kenuuf nan kadhadha."*

*Kristos amantiidhaan garaa keessan keessa akka buufatuuf, jaalalattis hiddaa fi hundee akka godhattaniif kadhata kooti.*

*Warra Waaqayyoof qulqulla'an hundumaa wajjin dhoksaan ogummaa isaa hammam akka bal'atu, hammam akka dheeratu, hammam akka ol fagaatu, hammam akka gadi fagaatus hubachuu akka dandeessaniif,*

*jaalala Kristos isa safara beekumsa namaa bira darbus beektanii, guutummaa Waaqayyoo bira hamma geessanitti akka guutamtaniif nan kadhadha."*

Amma akka luqqisawwan kanaatti, namni tokko jirenya isaa keessatti muuxannoo dhoksaan Waaqayyoo isa gadi fagoo beekuu yeroo horatutti, inni dhuguma muuxannoo namummaa dhuunfaa nama keessa jiraachuu Hafuura Waaqayyoo in qabaata, sammuun isaas ogummaa fi beekumsa Waaqayyootiin karaa Sagalichaa in ibsamaaf. Garuu dhoksaan Seexanaa inni gadi fagoon kana balleessuuf dhama'a. Inni akkuma yeroo hundumaa dhugaa Waaqayyoo kana sobaan bakka buusuuf dhama'a har'a ga'e, sichitti kana gochuuf in dhama'a. Isas akkamitiin godha? Inni beekumsa dhugaa Waaqayyoo irraa waa in hir'isa—Sagalicha balleessee kan ofii isaa isa, "Waaqayyo akkas jedhee?" jedhuun bakka buusa. Sana booda namummaa Kiristoos isa jirenya hafuuraa keenya keessa jiru kan biraatiin bakka buusa. Inni kana ni godha, waanuma Israa'elonni akka goodhan godhe gochuuf jira; iddo Waaqayyoo buusee nama foonii mootii godhee in muuda. Muuxannoon hojji lammata dhalachuu, faayidaa waldattu dabalamuun argamuuf jedhamee jibbamuu jira. Dhoksaan Seexanaa inni gadi fagoon bara sanatti ol seenee ture. Firiin dhoksaan Seexanaa inni gadi fagoon sun godhates soba, ajjeechaa fi yakkota suukaneessoo inni horedha.

## Badhaasa

Mul'ata 2:26-29,

*"Nama mo'uuf, isa hojji koo hamma dhumaatti eeggatee hojjetuufis, saba hin amanne baay'ee irratti aboo nan kennaaf.*

*Inni siiqgee sibiilaatiin saba sana in tiksa, akka qodaa suphees isaan in hurreessa.*

*Akkuma ani abbaa koo biraa aboo fudhadhes bakkalcha barii nama sanaaf nan kenna.*

*Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!"*

*"Nama mo'uuf, isa hojji koo hamma dhumaatti eeggatee hojjetuufis."*

Gooftaan hojji qajeelaa ilaachisee yaada dhuunfaa Isaa warri kan Isaa ta'an akka hubataniif carraaqaa akka jiru qabxiilee Hafuurri hojji irratti dubbate irraa ifatti mul'ata. Waa'ee hojji yeroo afur kaase. Ammas akkas jedheera, nama hanga dhumaatti hojji Isaa amanamummaadhaan hojjetuuf saba hin amanne baay'ee irratti aboo in kennaaf, kana malees inni bulchaa cimaa, kan dandeettii qabu, kan hin jilbeenfanne, kan haala kamiyyuu keessa aboo isatiiin darbuu danda'u ta'a, yoo barbaachisaa ta'e diina abdii kutate iyyuu in hurreessa. Dubbiin fakkeenyaaboo bulchiinsa isaaas ibses akkuma Ilmichaatti akka mo'udha. Kun baay'ee nama ajaa'iba.

Garuu mee abdii abdachiifame kana ifa baraa keessatti haa ilaallu. Roomaan humna guddaa qabdu kun deeggarsa mootummaa qabduun, mootota, waraanaa fi seera baastoota qacartee, warra ishee dura dhaabatan hunda hurreessitee daakti. Warra isheef hin jilbeenfanne miliyoonaan lakkaa'aman ajjeefteetti, dabalatee miliyoonaan kan lakkaa'aman ajjeesuufis amuummataa jirti. Isheen fedha tokko malee mootota teessootti ol baafti, yeroo barbaaddutti immoo gad isaan darbatti. Eeyyee, gidduu seentummaan ishee dhugumatti saba baay'eetti kufaatii fideera sababiin isaaas isheen warra Waaqayyoof fo'aman balleessuuf

murteessitee jirti. Hojiin ishee hojii seexanaa ti, sababiin isaas isheen akkuma isaa nama ajeestii, akkuma isaa sobdis. Garuu guyyaan Gooftaan "Diinota koo kana as fidaa, ija koo durattis gorra'aa!" jechuuf jiru ni dhufa. Yeros yummuu dheekkamsi Isaa inni qajeelaan warra arrabsituu irratti bu'u qajeelonni Gooftaa isaanii wajjin in ta'u. Qajeelonni ulfinaan Isaa wajjin dhufanii, warra lafa barbadeessanii fi warra qulqulloota Waaqayyoo lafarraa haxaa'an ni balleessu. Barri kun bara kabalamuu, bara dhiphina hamaa ture; garuu guyyaan dhugaan itti mo'u dhufaa jirti, eenyutus ibidda ishee irraa oolee nagaatti jiraata? Warra Gooftaa fure qofaatu irraa hafee jiraata.

*"Bakkalcha barii nama sanaaf nan kenna."*

Akka Mul'ata 22:16tti, akkasumas akka 2Phexros 1:19tti, Bakkalchi Barii Yesuusidha.

*"Ani hidda Daawit, sanyii isaatis, ani bakkalcha barii isa calaqqisaa dha."*

*"Hamma boruun baqaqutti, bakkalchi garaa keessa keessa ibsus hamma ba'utti."*

Kanaafuu, Hafuurichi warra fo'amoo Bara Dukkana keessa jiranii fi warra baroota boodaan dhufuuf jiran keessa jiraniif Ofii Isaa abdachiisaa jira.

Akkuma kanaan dura ibsine, Yesuus ergamoota tokkoon tokkoon baraa wajjin adda baasee of ibsa. Mul'ata Sagalichaa isa kutaa baraa hundumaaf dhufu Isa irraa argatu. Mul'anni Sagalichaa kun warra Waaqayyoof fo'aman biyya lafaa keessa baasee gara Yesuus Kiristoosii wajjin guutummaatti tokkoomuutti fida. Ergamooni kun ifa ergifanna ykn ifa Ilmichaa, ifa Yesuus waan calaqqisiisaiif urjoota jedhamu. Karaa biraatiin, warra yeroo dhi'utti 'ibsa namaaf qaban' waan ta'aniifis urjoota jedhamu. Akkasitti dukkana cubbuu keessatti ifa Waaqayyoo gara saba Isaatti fidu.

Kun Baroota Dukkanaati. Keessattuu Dubbiin Gooftaa guutummaatti jechuun hamma danda'amutti namoota jalaa waan dhokateef bara dukkanaa ti. Beekumsi Isa Hundumaa Gararraa Jiruu hamma guutummaatti jechuun danda'amutti namarrea dhaabbate. Duuti amantoota baay'ee mo'ee hanga qubaan lakkaa'muutti gadi hir'atan. Wantoonni Waaqayyoo hanga yeroo kanaatti sadarkaa gadi aanaa akkasii irra ga'ee waan hin beekneef, waan dhuguma Seexanni saba Waaqayyoo mo'u namatti fakkaata ture.

Sabni dhuguma abdii biyya halkan hin qabneen marfamuu abdachiifamu tokko yoo jiraate, inni saba Bara Dukkanaa ta'u qaba. Kanaafis Hafuurichi bakkalcha barii akka isaaniif kenuu isaan abdachiisaa jira. Bakkalchi Guddichi, Yesuus, Inni Ifa namni itti dhi'aachuu hin dandeenye keessa jiraatu, mootummaa gara fuulduroottu dhufu keessatti argamuu namummaa Isaatiin akka isaan ibsu itti himaa jira. Kana booda dukkana keessatti ifa kennuudhaaf urjiilee (ergamtoota) hin fayyadamu. Ifichi Yesuus, Ofii Isaa ta'uuf jira, innis yeroo Inni mootummaa Isaa isaaniif qoodee fuulatti isaanitti dubbatutti ta'uuf jira.

Bakkalchi barii yeroo ifni aduu ifuu jalqabdutti mul'ata. Yeroo Aduun keenya, (Yesuus) dhuftutti, kana booda ergamoota hin barbaachisu; ergaa gammachuu Isaa Ofii Isaatiin nuuf fida; akkuma Inni mootummaa Isaa bulchuu jalqabuun fuula Isaa dura waan jiraannuuf, ifi Sagalichaa guyya keenya isa mudaan hin qabne keessatti caalaatti ni ibsa.

Namummaa Yesuus caalaa maal hawwuu dandeenya? Inni waan hundumaa mitii, kana bira darbee iyyuu Waan Hundumaa Isa Mudaan Hin Qabne mitii?

Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u. Ameen. Akkasuma haa ta'u, Waaqayyo Gooftaa, Hafuura Keetiin dhugaa Kee haa dhageenyu.



[www.messagehub.info](http://www.messagehub.info)

Kan Lallabame  
Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin  
"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7